

# Hundeelee Sadeeniifi ragaa 1sii

## Ittiin Aansee

- Ulaagaa Salaataa
- Dirqamoota Isiidhaa
- Rukniilee Isiidhaa
- Heerota Afran



الأصول الثلاثة وأدلتها  
ويليها : شروط الصلاة وواجباتها  
وأركانها والقواعد الأربع  
باللغة الأورومية ( الإثيوبية )

# HUNDEEWWAN SADANIIFI RAGAALEE ISIIDHAA

Qopheessaan:  
Sheek Muhammad bin Suleeymaan At-  
Tamiimii

## ITTI AANEE:

- ☞ Ulaagaa Salaataa
- ☞ Dirqamoota isii
- ☞ Rukniilee isiitiifii
- ☞ Heerota Afran



Hiikaafii raabsaan:  
Jaarmiyaa Da'awaafii beekumsa Islaamaa  
Finfinnee

Teessoon: ☎ 20 09 06 Faxiin: 71 00 78  
✉ 70425 e-mail: idka@telecom.net.et

MAXXANSAA LAMMAFFAA \_1424H.  
/2003A.L.E/1995 A.L.H

MIRGI OROMIFFAAN MAXXANSUU  
HEERAAN EEGAMAADHA

**بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ**

*Jalqabni Maqaa Rabbi Rahmat qabeessa tayee tiini*

*Galanni Rabbii Aalamaatiif /Allaahaaf/ haa gayu;  
Nagayaaf Rahmanni Nabi-Muhammadiif, Aalii isaaniitiif,  
Sahaabota isaaniitiifi Akkasuma wrra haqaafii waan gaarii  
hundaan Isaan faana bu'e hunda Irratti haajiraatu.*

*Jaarmiyaan Da'awaafi Beekkumsa Islaamaa Kittaaba  
Imaam Muhammad Ilmi Suleymaan At-Tamiimiin Afaan  
Arabaatiin qopheessan kan: "HUNDEELEE SADANIIFII  
RAGAALEE ISIIDHAA" Jedhu kana Afaan oromiffaattii hiikee  
maxxansuudhaan Dubbiftootaaf dhiheessu Dandayuu Isaatiin  
Gammachuu Guddaatu Itti dhgayama. kanaas waaqa kanaan  
Isa gahee galata galchuudhaan Ibsa.*

*Kitaabni kunis hundee Islaamummaatiifii heera  
salaataaf barbaachisan Ragaa Irratti hundaaye Ibsa. Nutis  
Kitaaba kana seeraafi qabyee isaa kan Arabiffa osoo hin  
lakkisin afaan oromiffaatti hiikuuf tattaaffi cimaa goonee jirra.*

*Haatayuu garuu dalagaa ilma namaa keessaa  
guutumaan guututti dogongorri waan hin dhabanneef  
dubbiftoonni kabajamtoonni keenna maxxansaa duranaatiif  
akka itti gargaarammu yaada isaanii akka nu laatan  
kabajaadhaan gaafanna.*

*Dhumarrattis Kitaabicha Afaan biyya keenaa kan gara  
garaatiin akka hiiknee maxxansimuuf warra nu gargaaran  
hundaaf galat guddaa galchina.*

**Jaarmiyaa Da'awaatiif Beekkomsa Islaamaa  
Finfinnee**

**23/1/1424A.L.Hij. /17/7/1995A.L.H.**

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

**JALQABNI MAQAA RABBI RAHMATA  
QABUUTIINI**

Rabbiin rahmata ofii siif haagodhuutii: Waan-Afur walii galatti beekuun dirqama keenna Akka tahe beeki.

Isaanis:

TOKKOFFAA: Beekuu (ILMII) yoo ta'u kunis Rabbiin, Nabiyyichaafii, Amantaa Islaamaa Haala ragaa Irratti Hundaayeen beekuudha.

LAMMAFFAA: Beekkumsa kanas dalagaa irra oolchuu.

SADAFFAA: Beekkumsa kana facaasuudhaa fi itts yaamuu.

(Da'waa godhuu). AFRAFFAA: Beekkumsa kana hojii irra Oolchuufii-facaasuu irratti rakkoolee nama muudattu obsaan dandahudha. kanaafis ragaan jecha Rabbi kan asii gaditti ibsameedha.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

وَالْعَصْرِ ﴿١﴾  
إِنَّا الْإِنْسَانَ لِفِي خُسْرٍ ﴿٢﴾  
إِلَّا الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ وَتَوَّصَوْا بِالْحَقِّ وَتَوَّصَوْا بِالصَّبْرِ ﴿٣﴾

*“Yeroodhaan ni kakadha, namni hundi dhugatti hoongoo keessa jira. Isaawwan amananiifii toltuuwwan kan dalagan, kan dhugaa walii dhaaman, kan obsas walii dhaaman malee”  
(SUURA-ASRI)*

Imaamu Shaafi'in (R.O.R.I.H) suuraa qur'aanaa tana ilaalchisanii wagguu dubbatan:

"Rabbiin ummata isaatiif Suuraa tana malee ragaa biroo osoo kan hin dabarsin ykn hin buusin taheeyyu, tuni qofti geettuu kan taatu turteeyyu" jedhan.

Imaamul Bukaariinis (R.A.) "Beekkumsi jechaafii Dalagaas Nidursa, kanaafis ragaan jecha Rabbi kan asii gaditti dhufu kana

فَاعْلَمْ أَنَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ وَاسْتَغْفِرْ لِذَنْبِكَ وَلِلْمُؤْمِنِينَ وَالْمُؤْمِنَاتِ

*“Rabbii tokkocha malee dhugaan gabbaramaan biroo haaluma tokkottuu kan hin jirre tahuu beeki . dogongora keetii fis araarama kadhadhu, Mu'mintootaafis” (SUURA MUHAMMED 47:19) ” jedhanii JECHAAFI DALAGAAS BEEKUMSSAAN DURSAN.*

Rabbiin Aayaata kana keessatti jechaafii dalagaan duratti barumsaan kan jalqabe tahuun ilaalamee jira.

Rabbiin Rahmata siif haa godhuutii Muslimtichaafii muslimtittiinis takka takkaan yaadota hundeedhaa sadan asii gaditti ilaalante tana barachuufii dalagaa irra oolchuun dirqama isaa / isii / dhaa tahuu beeki.

Issanis:

**TOKKOFFAA:** Rabbiin nu-uumee jira, qananii isaatis nuuf kennee jira, haa tahu malee akkanummaan nu-hin dhiifne; Ergamaa isaa gara keenna ergee kan ajajameef jannata akka seenu kan ajaja isaa irratti finciles takkii dides gara ibidda jahannam akka seenu godhee jira. kanaaf ragaan jecha Rabbii (S.W.) kan asii gaditti dhufu kana:

إِنَّا أَرْسَلْنَا إِلَيْكُمْ رَسُولًا شَهِدًا عَلَيْهِ مَا أَرْسَلْنَا إِلَى فِرْعَوْنَ رَسُولًا ﴿١٥﴾

*“Nuti-isin irratti ragaa bahaa kan tahe ergama gama keessan erginee jira, akkuma gama Fir'awnas ergamaa ergine, Fir'awnas ergamticha ni-dide, qixaaxa jajjaboos ni-qixaaxneen” (SUURA MUZZAMIL : 15)*

**LAMMAFFAA:** Rabbiin (S.W) Malaa'ikaa ulfaataas haatahu Nabiyyii ergamaas, eenyuunuu isatti yagutoomsuu dhaan gabbaruu hin fedhu, kanaaf ragaan jecha isaa kan asii gaditti jiru kana:

وَأَنَّ الْمَسَاجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدْعُوا مَعَ اللَّهِ أَحَدًا ﴿١٨﴾

*“Masjiidonna Rabbiin qofaafi (Isaan keessatti) Rabbin waliin eenyuunuu hin gabbarinaa (hin waa matinaa)” (SUURA JINNI : 18)*

SADAFFAA: Namni ergamaa Rabbii • hordofeefi tokkochummaa Rabbii dhugo'omse, NAMA RABBIIFI RASSULA ISAATTI BULUU DIDE; FIRA ISAA DHIHAATAS TAHU, jaalallee godhatuun hin hayyamamuuf.

Ragaan kanaatis jecha Rabbii (S.W) kan kanatti aanu kana:

لَا تَجِدُ قَوْمًا يُؤْمِنُونَ بِاللَّهِ وَالْيَوْمِ الْآخِرِ يُوَادُّونَ مَنْ حَادَّ اللَّهَ  
وَرَسُولَهُ وَلَوْ كَانُوا آبَاءَهُمْ أَوْ أَبْنَاءَهُمْ أَوْ إِخْوَانَهُمْ أَوْ عَشِيرَتَهُمْ  
أُولَئِكَ كَتَبَ فِي قُلُوبِهِمُ الْإِيمَانَ وَأَيَّدَهُم بِرُوحٍ مِّنْهُ وَيَدَّخِلُهُمْ  
جَنَّاتٍ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ خَالِدِينَ فِيهَا رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمْ وَرَضُوا عَنْهُ  
أُولَئِكَ حِزْبُ اللَّهِ أَلَا إِنَّ حِزْبَ اللَّهِ هُمُ الْمُفْلِحُونَ ﴿٢٢﴾

*“Namootan Rabbiifii guyyaa qiyaamaatti amanan namoota Rabbiifii ergamaa isaattis buluu didan jaalallee kan godhatan tahanii hin argitu, osoo namoonni suni abbootii isaanii ykn ilmaan isaanii ykn obboleewwan isaanii ykn firoota isaanii tahaniille isaan sana onneelee isaanii irratti iimaana (amantii) katabeefii jira, hafuura isa biraa taateenis jajjabeesseenii jira. Jannatoota laggiin jala yaatu keessattis haala isii keessatti abad kan taa'an tahaniin nigalchaan. Rabbiin isaan irraa jaalate isaanis irraa jaalatan. isaan suni ummata Rabbiiti, beekaa (Damaqaa) ummatni Rabbii isaan waan fedhan (yaadan) argatan sana” (Suuraa Mujaadalah:22)*

Beeki-Rabbiin ajaja isaatiif bitamaa akka taatu si-haa qajeelchuu, amantii Ibraahim kan tahe haniifiyyaan (gara dhugaatti irkatuu), Rabbii tokkocha qofa amantii isa qofaaf hallanyeessuudhaan gabbaruudha. namoonni hundi kanuma akka dalagan rabbiin ajajee jira. namas wanni uumeef kanumaaf tahuu akka asii gaditti aanutti ibsee jira.

وَمَا خَلَقْتُ الْجِنَّ وَالْإِنْسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ ﴿٥٦﴾

**“Jinniifii namas na-haa gabbaraniif malee waan birootiif hin uumne” (Suuraa zaariyaat:56)**

Na-haa gabbaraniif jechuun: anuma qofa ibaadaa irratti haa tokkochomsaniif jechuudha. Ajajoota Rabbii hunda keessaayyuu inni irraguddaan Tawhiida, Tawhiida jechuunis Rabbii tokkocha qofaaf bitamuu, isa qofa gabbaruu jechuudha. Wantoota rabbiin irraa dhorgee (seere) hunda keessaa cimaafii ol'aanaan shirkii yoo tahu innis Rabbiin waliin uumamaa biraa yagutoomsuudhaan yaamatuu (gabbaruu) kanaafis ragaan jecha rabbii (S.W) kan asii gaditti dhufu kana:

وَأَعْبُدُوا اللَّهَ وَلَا تُشْرِكُوا بِهِ شَيْئًا

**“Rabbiin gabbaraa; isattis homaatuu hin yagutoomsinaa” (Suuraa Nisaa'a 36)**

Hundeewwan sadiin namni cuftuu beekuu qabu maali jedhanii yoo si gaafatan; gabrichi Rabbii isaa, Amantii isaatiifii Nabiyyii isaa Muhammadiin(S.A.W) beekuudha jedhii deebisi.

### HUNDEE TOKOFFAA

Rabbiin kee eennu? yoo jedhamte, Rabbiin kiyya qananii isaatiin anaafii adunyaa hundaayyuu kan argamsiiseefii kan guddiseedha, inni mootii kiyya kan gabbaru, kan bitamuuf; isa malee mootii biroo kan gabbaru hin qabu. kanaafis ragaan jecha Rabbii (S.W.) kan asii gaditti aanu kana:

الْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ

**“Galanni Rabbiif (Aallahaaf) haagahu mootii uumamtoota (Aalamaa) kan ta'e” (Suura faatiha:2)**

Wanni Rabbiin malee jiru hundinuu uumamaa yoo tahu, anis uumamaa tokkoo qaama uumamtoota kana irraa kan taheedha.

Rabbii kee maaliin beekta? Jedhamte yoo gaafatamte, malkatoota (Aayatoota) isaatiifii uumamtoota isaatiini jedhi. Aduufii Baatiin Guyyaafii Hal kan malkatoota isaa irraa tokko wagguu tahan Samiin torbaniifii Dachiin torban wantoonni isaan keessa jiraniifii

isaan jiddu jiran hundinu qaama uumamtoota isaati. Kanaafis ragaan jecha Rabbii (S.W.) kan asii gaditii jiru kana:

وَمِنْ آيَاتِهِ اللَّيْلُ وَالنَّهَارُ وَالشَّمْسُ وَالْقَمَرُ لَا تَسْجُدُوا لِلشَّمْسِ  
وَلَا لِلْقَمَرِ وَاسْجُدُوا لِلَّهِ الَّذِي خَلَقَهُنَّ إِن كُنتُمْ إِيَّاهُ تَعْبُدُونَ

*“Guyyaafii halkan Aduufii baatiin(Jiini) malkatoota (Aayatota) isaa irraayi; Aduufii baatiif hin sagadina isaa isdannan uume Rabbiif sagadaa isa qofa yoo kan gabbartan taatan ” (Suura fussilat:37)*

*Ammallee jecha Rabbi ola'aaneeti:* إِنَّ رَبَّكُمُ اللَّهُ الَّذِي  
خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ فِي سِتَّةِ أَيَّامٍ ثُمَّ اسْتَوَى عَلَى الْعَرْشِ يُغْشِي اللَّيْلَ  
النَّهَارَ يُطَلِّبُهُ حَيْثُ مَا وَالشَّمْسِ وَالْقَمَرِ وَالنُّجُومِ مَسْخَرَاتٍ بِأَمْرِهِ أَلا  
لَهُ الْخَلْقُ وَالْأَمْرُ تَبَارَكَ اللَّهُ رَبُّ الْعَالَمِينَ ﴿٥٤﴾

*“Rabbiin keessan isaa samiiwwaniifii dachii guyyaa jaha keessatti uumeedha. Bodas Arshii isaa irratti ol-tahe, (Rabbiin) Isaa Halkan guyyaadhaan haguuga, guyyas halkaniiin haala ariitii dhaan kan wal barbaadan tahaniin(Uume); Aduu, ji'afi urjiidhas ajaja isaa kan hordofan yoo tahanu, (uumeen) Dammaqaa, uumuufii ajajuun isa qofaafi mootiin (Rabbiin) aalamaa guddinni isaa oltahe” (Suuraa Aa'iraaf : 54)*

Rabbi jechuun: kan ajamaniif kan gabbaran gooftaa uumaadha jechuudha. kanaafis ragaan jecha isaa kan asii gaditti jiru kana:

يَا أَيُّهَا النَّاسُ اعْبُدُوا رَبَّكُمُ الَّذِي خَلَقَكُمْ وَالَّذِينَ مِنْ قَبْلِكُمْ لَعَلَّكُمْ تَتَّقُونَ  
الَّذِي جَعَلَ لَكُمْ الْأَرْضَ فِرَاشًا وَالسَّمَاءَ بِنَاءً وَأَنْزَلَ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً فَأَخْرَجَ  
بِهِ مِنَ الثَّمَرَاتِ رِزْقًا لَكُمْ فَلَا تَجْعَلُوا لِلَّهِ أَنْدَادًا وَأَنْتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿٥٥﴾

*“Yaa namoota! Rabbiin isiniif warra isiniin dura jiru akka isa sodaattaniif (waan inni itti ajajaje raawwachuun waan inni irraa seere dhorgamuun) akka qixaaxa isaa*

*jalaa baataniif (kan isin uume).Inni (Rabbiin) isaa Dachii dirree, Samii gool'ee godhee, Samii(duumessa) irra bishaan isinif buuse isaanis firii irraa rizqii (hiree) kan isinii baaseedha; Oso (Uumaa) tahu beytan yagutoota hingodhinaa."*

*(Suura Baqarah : 22)*

Ibn-kasiir (R.) kan jedhaman, hiikaan qur'aanaa qabxii ol-aantu tana ilaalchisuudhaan akka dubbatanitti "wantoota asitti takka takkaan ibsamte tana Uumaan uume kuni (Rabbiin) gabbaramuudhaaf (ibaadaadhaaf) abbaan mirgaa isa qofaadha (kan ibaadaa haqa godhatu isa qofa)" jedhanii jiru.

Gosti ibaadaa tan Rabbiin dalagaa jedhe ajaje Fkn: Wantoonni akka ajajamuu (islaamummaa), amanuu (iimaanaa), toltuu dalaguu (ihsaanaa), kadhatuu (Du'aa'ii), sodaatuu (khawfii), kajeeluu (rajaa'a), Rabbi irratti irkatuu (tawakula), abdi godhataa ajajamufii (ragbah), qixaaxa sodaataa ajajamuufii (rahba), gadi-uf qabanii guutumaan guututii gabbaruunii /ajajamuufii/ (kushuu'a), sodaachuu (kashiya), balleessaa /dogongora/ irraa gaabbanii deebi'uudhaan dhii fama kadhatuu (inaabah), gargaarsifatuu (isti'aanah), eegumsa /tikfama/ kadhatuu (isti'aazah), birmannaa kadhatuu (istigaasah), wareega dhiheessuu(zabhi), silata (nazrii) fii kan kanafakkaatan gosoonni ibaadaa kan biroo kan Rabbiin itti ajaje hundinuu Rabbiif malee eenyuufuu hin tahu. Kanaaf ragaan jecha Rabbii kan asii gaditti jiru kana:

وَأَنَّ الْمَسْجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدْعُوا مَعَ اللَّهِ أَحَدًا ﴿١٨﴾

*"Masjiidonni Rabbiif qofaafi, (isaan keessatti) isaa (Rabbiin) waliin tokkollee hin gabbarinaa (hin waamatinaa)." (Suura Jinni : 18)*

Gosoota ibaadaa kanniin keessaa tokkollee namni Rabbiin irra dabarsee kan biroo tiif kenne ykn oolche inni suni nama Rabbitti yagutoomse (sharraksiise), (kaafira) /waakkataa/ taha. ragaan kanaatis jecha Rabbii (S.W) kan asii gaditti dhufu kana taha:

وَمَنْ يَدْعُ مَعَ اللَّهِ إِلَهًا آخَرَ لَا بُرْهَانَ لَهُ بِهِ فَإِنَّمَا حِسَابُهُ عِنْدَ رَبِّهِ إِنَّهُ لَا يُفْلِحُ الْكَافِرُونَ ﴿١١٧﴾

*"Namichi Rabbiin waliin mootii biroo yaamate (gabbare), kan isaaf isa sana (Yaamatuu) irratti ragaa hin qabne, qorannoon (gaafiin) isaa Rabbii isaa bira qofa taha (ilaalaa) warri waakkatan (didan) hin hoffolan"* (Suura Mu'iminuun : 117)

Haadiisa Nabiyichaa (S.A.W) keessattis kan asii gaditti jiru arganna:

(( الدعاء مخ العبادة ))

"kadhachuun (Du'aaa'iin) dhuka ibaadaati" *gabaasa Tirmizii*. Ragaan kanaa jecha Rabbii irraalee kan asii gaditti dhufu kana:

وَقَالَ رَبُّكُمْ ادْعُونِي أَسْتَجِبْ لَكُمْ إِنَّ الَّذِينَ يَسْتَكْبِرُونَ عَنْ عِبَادَتِي سَيَدْخُلُونَ جَهَنَّمَ دَاخِرِينَ ﴿١٦٠﴾

*"Rabbiin keessan: Na kadhaa isinii dhagahaa jedhe, isaawwan ana gabbaruu irraa boonan sunniin, xiqqaatoo tahnii jahannamiin niseenu."* (Suura Gaafir : 60)

Guutumaan guututti kan sodaatuu qaban Rabbiin (Allah) qofa tahuu ragaan isaa jecha Rabbii kan asii gaditti argamu thaha:

فَلَا تَخَافُوهُمْ وَخَافُوا إِن كُنْتُمْ مُؤْمِنِينَ ﴿١٧٥﴾

*"Jarreen / tuuta didoo (kaafira)/ hin-sodaatinaanii, nasodaadhaa, yoo Mu'imintoota tautan."* (Suura Imraan:175)

kan kajeelan (rajaa'a) Rabbiin qofa tahuu ragaan jecha Rabbii (S.W) kan asii gadditti dhufu kana:

فَمَنْ كَانَ يَرْجُوا لِقَاءَ رَبِّهِ فَلْيَعْمَلْ عَمَلًا صَالِحًا وَلَا يُشْرِكْ بِعِبَادَةِ رَبِّهِ أَحَدًا ﴿١١٠﴾

*"Rabbii isaatiin walgahu namni fedhu, dalagaa qulqulluu, (toftuu) haa dalaguu Rabbii isaa gabbaruu*

**keessatti tokkollee akka itti hin yagutoo msine.” (Suura Kahf : 110)**

Tawakkula godhachuun Rabbiin qofatti tahuu ragaan jechoota Rabbii (S.W) kan asii gaditti dhufan kanniin:

وَعَلَى اللَّهِ فَتَوَكَّلُوا إِن كُنْتُمْ مُؤْمِنِينَ ﴿٢٢﴾

**“Mu'imintoota yoo kan taatanii, Rabbuma qofa irratti irkadhaa”**

**(Suura Maa'idah: 23)**

وَمَنْ يَتَوَكَّلْ عَلَى اللَّهِ فَهُوَ حَسْبُهُ ﴿٢٣﴾

**“Nama Rabbitti irkate inni gaha isaati.” (Suura Xalaaq:3)**

Kajeeluu, (ragbah) sodaatuu (rahba) fii ofgadi xiqqeessanii ajajamuun (kushuu'in) Rabbiin qofaaf tahuu isaa ragaan, jecha Rabbii (S.W) kan asii gadi jiru kana:

إِنَّهُمْ كَانُوا يُسْرِعُونَ فِي الْخَيْرَاتِ وَيَدْعُونَ غَيْبًا وَرَهْبًا  
وَكَانُوا الْفَاسِقِينَ ﴿٩٠﴾

**“...Isaan warra toltutti daddafan, (rahmata keenna) kajeeltotaafii (qixaata keenna) sodaattuu tahanii kan nukadhatan turan; warra nuuf gadi uf-qabus turan.” (Suura Anbiyaa'i : 90)**

Sodaatuufii eeggatuunis kan qaban Rabbiin qofa tahu jecha rabbii (S.W) kan asii gaditti dhufu kana:

فَلَا تَخْشَوْهُمْ وَاخْشَوْنِي

**“(jarreen) hin-sodaatinaanii, nasodaa dhaas” (Suuraa Baqarah : 50)**

Badii dalaganitti nadaamahuudhaan dhiifama kadhataa deebi'uun gama Rabbii qofa tahuu ragaan isaa kan asii gaditti jiru jecha Rabbii (S.W) kana:

وَأَنِيبُوا إِلَىٰ رَبِّكُمْ وَأَسْلِمُوا لَهُ

**“Gama Rabbii keessanii (nadaamahuu dhaan) deebi'aa isaafis ajajamaa.” (Suuraa Zumer : 54)**

Gargaarsifachuun (isti'aanah) kan tahu Rabbiin qofa tahuun ragaan jecha Rabbii (S.W) kan asii gaditti dhufu kana:

إِيَّاكَ نَعْبُدُ وَإِيَّاكَ نَسْتَعِينُ ﴿٥﴾  
 “sima qofa gabbarra, sima qofatti  
 gargaarsifannas” (Suuraa Faatiha: 5 )

Gargaarsa kadhatuu ilaalchisee hadiisa nabiyicha (S.A.W) kessattis akka asii gaditti jirutti argama:

(( اذ استعنت فاستعن بالله. ))

“Rakkoo si-mudate keessatti yoo kan gargaarsifattu tahe, Rabbuma qoftti gargaarsifadhu,” (gabaasa Tirmizii)

Tikfama (eegumsa) kan irraa eeggatuun tahu Rabbiin qofa irraa tahuu ragaan jecha Rabbii (S.W) kan asii gaditti dhufu kana:

قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ النَّاسِ ﴿١﴾ مَلِكِ النَّاسِ ﴿٢﴾

“Jedhi:- Uumaa (Rabbi) namootaatiin tikfama, gooftaa mootii namoota hundaa kan ta'e” (Suuraa Naas : 1-2)

Birmannaa argachuudhaaf kadhaa dhiheessuun kan danda'amu gama Rabbii qofa tahuu ragaan jecha Rabbii (S.W) kan asii gaditti aanu kana:

إِذْ تَسْتَغِيثُونَ رَبَّكُمْ فَاسْتَجَبْ لَكُمْ

“Waggu Rabbii keessan irraa birmannaa barbaaddanii isinii awwaates yaa dadhaa” (Suuraa anfaal 9)

Wareega ibaadaadhaaf dhiheessuun kan danda'amu Rabbiin qofaaf tahuu jecha Rabbii (S.W) kan asii gaditti aanu kana:

قُلْ إِنَّ صَلَاتِي وَنُسُكِي وَمَحْيَايَ وَمَمَاتِي لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿١٦٢﴾

لَا شَرِيكَ لَهُ، وَبِذَلِكَ أُمِرْتُ وَأَنَا أَوَّلُ الْمُسْلِمِينَ ﴿١٦١﴾

“Salaatni kiyya, wareegni kiyya, Jiruun tiyyaafii duuti tiyyas mootii uumamtootaa Rabbiifi jedhi; isaaf shariikni hin jiru kanattis (Qulqulleessutti) ajajame, anis hangafa Muslimtootaati (jedhi).” (Suuraa An'aam : 163)

Horii ibaadaaf jedhanii Rabbiin malee waan biraatiif qaluu (gorra'uu) ilaalchisee hadiisa keessatti akka asii gaditti jirutti ibsamee jira:

((لعن الله من ذبح لغير الله))

"Rabbiif osoo hin ta'in wantoota birro gabbaruuf nama horii wareege (qale) Rabbiin abaaree jira." (gabaasa Muslim)

Silata ykn nazriin kan gahu Rabbiin qofaaf tahuu ragaan jecha Rabbii (S.W) kan kanatti aannee jiru kana.

يُؤْفُونَ بِالَّذِينَ خَافُونَ يَوْمًا كَانَ شَرُّهُ مُسْتَطِيرًا ﴿٧﴾

"*Har'a/Adduniyatti/ nazrii (silata) isaanii guutan, guyyaa rakoon isiidhaa faffacaatuu taate sanimmoo ni-sodaatan*" (Suuraa Dahr : 7)

### HUNDEE LAMMAFFAA

Hundeen lammaffaa amantii islaamaa haala ragaa irratti mirkanaaheen beekuudha kunis tokkochummaa (tawhiida) Rabbii mirkaneessuudhaan (dhuga'oomsuudhaan) isaaf bitamu, ajajamaa tahuudhaan isaaf masakamuufii yagutoomsuu (shirkii) irraa qulqulaahuudha. Amantiin Islaamaa sadarkaa sadi kan qabu yoo tahu sunniinis sadarkaa islaamummaa (ajajamuu), iimaanaa (amanuufii), ihsaana (guutumaan guututti gabbaruu) dha. sadarkaaleen kunniinis tokko tokkon arkaana mataa ofii qaban.

#### SADARKAA TOKKOFFAA

Sadarkaan duraa Islaamummaa yoo tahu, arkaanni (hummni) islaamaa shani sunniinis:

- 1- Rabbin malee haqaan gabbaramaan biroo akka hin jirre; muhammad(S.A.W) - Ergamaa Rabbii tahuu ragaa bahuu.
- 2- salaata yeroo isaatti heera isaa eeguudhaan salaatu.
- 3- Zaka baasuu.
- 4-Ji'a ramadaanaa soomuufii.
- 5- Hajjii godhuudha.

Ragaan shahaadaa (ragaa bahuudhaa) jecha Rabbii (s.w) kan asii gaditti dhufu kana:

شَهِدَ اللَّهُ أَنَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ وَالْمَلَائِكَةُ وَأُولُو الْعِلْمِ قَائِمًا بِالْقِسْطِ

لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ الْعَزِيزُ الْحَكِيمُ ﴿١٨﴾

*“Rabbiin Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru jechaa ragaa bahe, haala haqaan kan dhaabbate taheen, malaaiiktoonnis warroonni bekkumsaatis, (ragaabahan), inni hinjifataafii waan dalagu hundaa tolchaadhu.” (Suuraa Aala'imran : 18)*

Rabbiin malee mootiin biroo hin jiru jechuun; Rabbii tokkocha malee bitamuufii gabbaruun kan danda'amu mootiin dhugaa hin jiru jechuudha.

Jechi “Laa-ilaaha” jedhu kuni Rabbiin (Allaahaan) malee gabbaramtoota biroo tan jirtu hundaa nibalaaleffata (ni-dhabamsiisa).

Jechi “Illa-llaahu” jedhu ammoo yagutoo yookaan shariika tokkoon maleetti mootumsa Rabbii tokkocha qofaaf kan mirkaneessu, akkasumas akkuma uumuttiifii Rabboomatti homaa yagutoo akuma hinqabne gabbaramuu (ibaadaa) irrattis shariika kan hin qabne tahuu kan muldhisuudha. Yaada asii olitti jiru kana jechi rabbii kan asii gaditti jiran kunniin ni-ibsu:

وَإِذْ قَالَ إِبْرَاهِيمُ لِأَبِيهِ وَقَوْمِهِ إِنَّنِي بَرَاءٌ مِّمَّا تَعْبُدُونَ ﴿٦٦﴾ إِلَّا الَّذِي فَطَرَنِي فَإِنَّهُ سَيِّدِي ﴿٦٧﴾ وَجَعَلَهَا كَلِمَةً بَاقِيَةً فِي عَقْبِهِ. لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴿٦٨﴾

*“Wagguu Ibraahiim jedhe (yaadadhu), Abbaa isaatiiniifii ummata isaatiin ani waan isin gabbartan hundarrayyuu qulqullaawaadha; Isaa na'uume malee inni naqajeelcha; (Rabbii tokkochatti amanuu) sanyii isaanii keessatti akka isaan (warri booddee ibraahiim) itti deebi'aniif jecha haftuu godhe” (Suuraa Zukruf 26-28)*

قُلْ يَا أَهْلَ الْكِتَابِ تَعَالَوْا إِلَى كَلِمَةٍ سَوَاءٍ بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمْ أَلَّا نَعْبُدَ إِلَّا اللَّهَ وَلَا نُشْرِكَ بِهِ شَيْئًا وَلَا يَتَّخِذَ بَعْضُنَا بَعْضًا أَرْبَابًا مِنْ دُونِ اللَّهِ فَإِنْ تَوَلَّوْا فَقُولُوا اشْهَدُوا بِأَنَّا مُسْلِمُونَ ﴿٦٤﴾

*“Yaa warra kitaabaa (yaa Ahlul kitaab) jecha nuufii isiniifis qixxee taate (tan sirrii dhaatitti) koottaa; sunis :*

*Rabbiin malee kan biroo hin gabbarru, isattis homaa hin yagutoomsinu (sharikessinu); gariin keenna garii keenna mootii Rabbiin alatti tahe godhannee hin qabannu; Yoo iraa garagaltanis (diduun), nuti muslimtoota tah--uu keenna nuuf mirkaneessaa (nuuf ragaa bahaa), jedhiin” (Suuraa -Aal'imraan: 64)*

Muhammad ergamaa Rabbii tahuu ragaan jecha Rabbii (s.w) kan asii gaditti dhufu kana:

لَقَدْ جَاءَكُمْ رَسُولٌ مِّنْ أَنْفُسِكُمْ عَزِيزٌ عَلَيْهِ مَا عَنِتُّمْ  
حَرِيصٌ عَلَيْكُمْ بِالْمُؤْمِنِينَ رَءُوفٌ رَّحِيمٌ ﴿١٢٨﴾

*“Gosa keessan irraa kan tahe, rakkoon keessan isa irratti jabaattuu kan tahe, (amanuu) keessan irratti hawwii kan qabu, warra amaneef garalaafaa kan tahe, ergamaan dhugaa dhugatti isinitti dhufee jira” (Suuraa Tawbah : 128)*

Muhammed (SAW) ergamaa Rabbii tahuu isaanii ragaa bahuu jechuun: waan isaan itti ajajan dalaguu, waan isaan dubbatan dhugo'oomsuu, waan irraa dhoorganiifii waan irraa seeran irraa seeramuufii, Rabbiin heera inni labseen alatti gabbaruu dhabuudha.

Ragaan salaataa, zakaafii hiikkaa tawhiidaa jecha Rabbii (SW) kana:

وَمَا أَمْرُهُ إِلَّا لِيَعْبُدُوا اللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ حُنَفَاءَ وَيُقِيمُوا  
الصَّلَاةَ وَيُؤْتُوا الزَّكَاةَ وَذَلِكَ دِينُ الْقِيَمَةِ ﴿٥﴾

*“Isaaf amantii qulqulleessuudhaan, salaata salaatuudhaan, zakaa baasuudhaan Rabbiin haa gabbaraniif malee Waa hin-ajajamne. kunis tumaata amantii qajeelaati. ” (Suuraa Bayyinah : 5)*

Ragaan soomana jecha Rabbi (S.W) kana:

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا كُتِبَ عَلَيْكُمُ الصِّيَامُ كَمَا كُتِبَ عَلَى الَّذِينَ  
مِن قَبْلِكُمْ لَعَلَّكُمْ تَتَّقُونَ ﴿١٨٧﴾

*“Yaa isin warri amantan! akka isin isa (Rabbiin) sodattaniif soomanni isin irratti dirqama tahe; akkuma warra isin duraa irratti dirqama tahe.” (Suuraa-Baqarah : 183)*

Ragaan hajjii ammoo jecha Rabbii (SW) kana:

وَلِلَّهِ عَلَى النَّاسِ حِجُّ الْبَيْتِ مَنِ اسْتَطَاعَ إِلَيْهِ سَبِيلًا  
وَمَنْ كَفَرَ فَإِنَّ اللَّهَ غَفُورٌ عَلِيمٌ

*“Rabbiif, namoota irratti, mana isaa ziyaaruu (hajjii godhuu) dirqama irra jira, karaa isiidhaa deemuu kan dandaheef; nama dides (kafares) Rabbiin Aalama guutuu irraayyuu dureessa / uf-gahaa / dha.” (Suuraa Imraan : 97)*

### SADARKAA LAMMAFFAA

Sadarkaan lammafaadhaa Iimaana (dhugo'oomsuu) yootahu, innis damee torbaatamiwwahi (torbaatamii sadi irraa hanga shanii) qaba dameen inni guddichi jecha “Laa'ilaaha illallaahu” jedhu yoo tahu, inni xiqqichi ammoo karaa irraa gufuu kaasuuudha. saalfatuunis (hayaa'a godhuun) damee iimaanaa irraa tokko.

Arkaanni iimaanaa jaha. Isaanis:

Rabbitti, Malaa'ikoota isaatti, Kitaabota isaatti, Ergamtoota isaatti, Guyyaa kaafamaa (Qiyaamaatti), Qadaratti (gaariifii badaanis fedhii isaatiiniifi tahii isaatiin kan tahu tahuu) amanuudha. Arkaanota jahan kanaaf ragaan jecha Rabbii (SW) kan kanatti aanu kana:

﴿لَيْسَ الْبِرَّ أَنْ تُولُوا وَجُوهَكُمْ قِبَلَ الْمَشْرِقِ وَالْمَغْرِبِ وَلَكِنَّ الْبِرَّ  
مَنْ آمَنَ بِاللَّهِ وَالْيَوْمِ الْآخِرِ وَالْمَلَائِكَةِ وَالْكِتَابِ وَالنَّبِيِّينَ﴾

*“Hojii gaariin: fuuluma keessan karaa dhihaaiifii bahaaa garagalchuudhaamiti; garuu hojii gaarii jechuun: nama Rabbiifii guyyaa qiyaamaatti malaa'ikootattis, kitaabotattiifii nabiyyootatti amanee dha” (Suuraa Baqarah : 177)*

Qadaratti amanuu irratti ragaan jecha Rabbi (SW) kan asii gaditti dhufu kana:

إِنَّا كُلُّ شَيْءٍ خَلَقْتَهُ بِقَدْرِ (٤٩)

"...nuti waan hundaayyuu madaalaan (qadaraan) uumnne" (Suuraa Qamar 49)

### SADARKAA SADAFFAA

Sadarkaan sadaffaadhaa Ihsaana (tolchuu) /qulqulinnaan gabbaruu/ yoo tahu, innis humna tokko qofa qaba. kunis akkuma waan isa(Rabbiin) argituutti isa gabbaruudha. Ati yoo isa arguu baattes inni si'argaatii. kanaafis ragaan jecha Rabbii (SW) kan asii gaditti dhufu kana:

إِنَّ اللَّهَ مَعَ الَّذِينَ اتَّقَوْا وَالَّذِينَ هُمْ مُحْسِنُونَ (١٢٨)

"Rabbiin, isaawwan warra isa sodaatuu fii toltuu oolaniin waliin jira. (Suuraa Nahl : 128)

وَتَوَكَّلْ عَلَى الْعَزِيزِ الرَّحِيمِ (٢١٧) الَّذِي يَرْبِكُ حِينَ تَقُومُ (٢١٨) وَتَقَلُّبِكَ

فِي السَّجِدِينَ (٢١٩) إِنَّهُ هُوَ السَّمِيعُ الْعَلِيمُ (٢٢٠)

"Hinjifataafii rahmat-qabeessatti (Rabbitti) irkadhu, isaa wagguu salaataaf dhaabbattuufi salaatu keessa garagaggaluu keetis (Rabbii argutti) dhihua dhu (irkadhu), inni dhagahaa argaa dhasi" (Suuraa Shu'araa `i :217-220)

وَمَا تَكُونُ فِي شَأْنٍ وَمَا تَتْلُوا مِنْهُ مِنْ قُرْءَانٍ

وَلَا تَعْمَلُونَ مِنْ عَمَلٍ إِلَّا كُنَّا عَلَيْكُمْ شُهُودًا إِذْ تُفِيضُونَ

"yaa muhammad, homu tokko irrattuu haa tuatu, qur`aana irraayis haa dubbiftu dalagaa kamiyyuu atis namoonnis hin dalagdan; wagguu itti seentan nuti isin irratti eegdoo taanu malee" (Suuraa Yuunus : 61)

Ihsaana kanaaf hadiisa rasuulaa irraa ragaan umer Ibnul khaxxaab (R.A) irraa kan odeeffame, bal'innaan kan beekamu hadiisa Jibriil kan asii gaditti dhufu kana:

((بينما نحن جلوس عند النبي ﷺ إذ طلع علينا رجل شديد بياض الثياب، شديد سواد الشعر، لا يرى عليه أثر السفر، ولا يعرفه منا أحد، فجلس إلى النبي ﷺ فأسند ركبتيه إلى ركبتيه، ووضع كفيه على فخذيه، وقال: يا محمد أخبرني عن الإسلام فقال: أن تشهد أن لا إله إلا الله، وأن محمدا ﷺ رسول الله، وتقيم الصلاة، وتؤتي الزكاة، وتصوم رمضان وتحج البيت إن استطعت إليه سبيلا قال: صدقت، فعجبنا له يسأله ويصدقه، قال: أخبرني عن الإيمان قال: أن تؤمن بالله، وملائكته، وكتبه، ورسوله، واليوم الآخر، وبالقدر خيره وشره. قال: أخبرني عن الإحسان؟ قال: أن تعبد الله كأنك تراه، فإن لم تكن تراه فإنه يراك. قال: أخبرني عن الساعة قال: ما المسؤول عنها بأعلم من السائل؟ قال: أخبرني عن أماراتها قال: أن تلد الأمة ربتها، وأن ترى الحفاة العراة العالة رعاء الشاء يتطاولون في البنيان قال: فمضى فلبثنا مليا فقال: يا عمر أتدرون من السائل؟ قلنا: الله ورسوله أعلم، قال: هذا جبريل أتاكم يعلمكم أمر دينكم )) .

"Guyyaa tokko ergamaa Rabbii (S.A.W) bira teennee otoo jirru, namni tokko kan uffanni isaa akkaan addaatuufi mataan isaa akkaan gurraachahu, malkatni imaltummaa homaatu kan irratti hin-mul'anneefii nukeessaa namtokolle kan isa hin-beekne tasa nutti seenee, jilbeen isaa jilboota Nabiyyiitti (S.A.W) erkisee, ganaalee isaa sarbaa ofii'irra kaahatee taa'e, boodas yaa Muhammad waa'ee Islaamummaa irraa naaf himi mee jedheen. Ergamaan Rabbiitis (S.A.W) akkana jedhaniin: Islaama jechuun Rabbiin malee gabbaramaan kan biraa hin jiru; Muhammadis ergamaa Rabbiiti jechaa ragaa bahuu, Salaata yeroo isaatti seera isaa eeganiifi sagaduu, Zakaa baasuu, ji'a/baati/ ramadaan soomuufii yoo danda'e /mijjaahfeef/ karaa makkaa deemudhaan hajjii godhuudha jedhaniin. Dhugaa jette jedheen. Nutis akka nama hin beeknee

gaafatee, boodas akka nama beekuu dhugaa keetti jechuu isaatiin nidingisiifanne. Itti aansees limaana irraa mee naaf himi jedheen. Nabiyyinis, limaana jechuun Rabbitti, malaa'ikoota isaatti, kitaabota isaatti, ergamtoota isaatti, guyyaa qiyaamaattiifii qadaratti (wanni namatti gahu hundi gaari tahe hamtu tahe Rabbiin biraa kan dhufe tahu) amanuukeeti jedhaniin. Ammas dhugaa keeti jedheen. Toltu yookan gaari (Ihsaan) irraa naaf himi jedheen. Nabiyyiinis akkawaan isa agartuutti Rabbi kee gabbaruu keeti yoo atis isa arguu baatte inni si argaati jedhaniin. Guyyaa qiyaamaa irra yoom akka taate mee naaf himi jedhen. Nabiyyiinis: waan kanarraa gaafatammaan kan gaafatu irra beekaa hin taane jedhaniin. Malkatoota qiyaamadha naaf himi jedheen. Nabiyyiinis akkana jedhaniin. Gabrittiin gooftaa isii dayuu (dhaluudha), Ammas ummata qullaa deemu, milla qullaas kan deeman, hiyyeeyyiin kanuma re'eelee tiksan boodara duniyaa (qabeenya) godhatanii ijaarsa fooqiitiin kan waldorgoman arguu keeti jedhaniin. Gaafataan bahee yeroo muraasa eega ture booda, "yaa umar gaafataan suni eenyuun akka tahe beektanii?" jedhanii nabiyyiin nugaafatan, Rabbiifii nabiyyicha isaattu beeka jenneen. "Inni jibriili amantii keessan isin barsiisuuf isinitti dhufe" nuun jedhan. (hadiisa muslim galmeessan)

### HUNDEE SADAFFAA

Hundeen sadaffaadhaa nabiyyii Muhammadiin (S.A.W) beekuu yoo ta'u isaanis: Muhammad ilma Abdullaahi, ilma Abdulmuxxalib, ilma haashimiidha. Haashim gosa qureeyshi irraayyi. Qureeyshis araba irraa yoo tahan arabnis ilmaan Ismaa'il. Ismaa'ilis ilma jaalallee Rabbii Ibraahimi.

Nabiyyiin adunyaa tana irra kan turan waggaa 63 yoo ta'u waggaa 40 nabiyyummaadhaan osoo hin ergamain dura ture. waggaa 23 nabiyyii ergamaa tahanii dabarsan. Nabiyyii kan tahan jecha Rabbii (suuraa) iqra'i ( اقرأ ) kan jedhu wagguu itti bu'e yoo tahu Ergamaa (Rasuula) kan tahan ammoo jechi Rabbii (SW) kan asii gaditti dhufe kuni eega itti bu'eti:

يَا أَيُّهَا الْمَدِينَةُ ۖ قُرْ فَاذْذِرِ ۙ وَرَبِّكَ فَكَبِّرِ ۙ وَثِيَابَكَ فَطَهِّرِ ۙ  
وَالرِّجْزَ فَاهْجُرِ ۙ وَلَا تَمْنُنْ تَسْتَكْبِرُ ۙ وَلِرَبِّكَ فَاصْبِرِ ۙ

"yaa kan uffata mamaratu, ka'ii sodaachisis (dhoorgi)  
Rabbii keetis guddisi /ulfeessi. uffata keetis qulqulleesi,  
taabota irraallee fagaadhu, bay'ee argatuu  
barbaaduudhaaf kennau hin kenniin" (Suurau  
Muddasir1-7)

"ka'ii sodaachisis" jechuun, namootin Rabbitti akka hin sharraksiisne sodaachisi (irraa seeri) Rabbii tokkocha qofa akka gabbaran karaa tawhiidaa yaamiin jechuudha.

"Rabbii keetis guddisi" jechuun, isa qofa gabbaruudhaan (tawhiidaan) isa guddisi jechuudha.

"uffata keetis qulqulleesi" jechuun, dalagaatee Rabbitti yagutoomsuu irraa qulqulleessi jechuudha.

"Taabota irraa fagaadhu" jechuun waan Rabbiin alatti gabbaramuu fii warra isa gabbarus hundaayyuu guutumaan guututti dhiisuufii warra taabota gabbaruu fii warra jara jala deemu irraallee fagaatuudha. Nabbiyyiin. (SAW) kanuma dalagaa irra oolchuufii kanumatti waamutti waggaa 10 dabarsan. waggaa 10 boodas karaa samiidhaa Rabbiin olbaaseenii salaata shanan dirqama ittigodhe. waggaa sadi makkaan keessatti salaata salaataa eega turan booda karaa madiinaadhaa godaanuutti ajajaman, hijraa yookaan godaansa jechuun biyya shirkiidhaa gad-dhiisanii karaa biyya islaamaatti galuu jechuudha. hijraan (godaansi) ummata islaamaa kana irratti dirqamummaan isiidhaa hanga guyyaa qiyaamaadhaatti itti fufa kanaafis ragaan jecha Rabbii (SW) kan asii gaditti dhufu kana:

إِنَّ الَّذِينَ تَوَفَّيْنَاهُمُ الْمَلَائِكَةُ ظَالِمِي أَنْفُسِهِمْ قَالُوا فِيمَ كُنْتُمْ قَالُوا كُنَّا مُسْتَضْعَفِينَ فِي  
الْأَرْضِ قَالُوا أَلَمْ تَكُنْ أَرْضُ اللَّهِ وَسِعَةً فَهَاجِرُوا فِيهَا فَأُولَئِكَ مَا لَهُمْ فِي جَهَنَّمَ  
وَسَاءَتْ مَصِيرًا ۙ (١٧) إِلَّا الْمُسْتَضْعَفِينَ مِنَ الرِّجَالِ وَالنِّسَاءِ وَالْوِلْدَانَ لَا  
يَسْتَطِيعُونَ حِيلَةً وَلَا يَهْتَدُونَ سَبِيلًا ۙ (١٨) فَأُولَئِكَ عَسَى اللَّهُ أَنْ يَعْفُوَ عَنْهُمْ وَكَانَ  
اللَّهُ عَفُوًّا غَفُورًا ۙ (١٩)

*“Isaan warri malaa’ikoonni du’aan qixaaxan suni, diiniif jecha godaanuu dhabudhaan nabsee isaanii midhuu isaaniitiif malaa’ikoonni jaraan maal irra turtan? jetteen, isaanis dadhabdoota turre jedhaniin. dachiin Rabbii godaansaaf bal’oo hin-turee? jedhaniin, teessoon jaraa jahaannami deebiinis (jahannaitti) waa hammaatte. warra dadhaboo tahan malee dhiiraatii dubartiis (haa tahani), daa’immaan, kan keessaa deemuu hindan deenneefii kan karaa hin beekne malee isaaniif Rabbiin nidhiisaaf, Rabbiin /Allaahaan/ namaa dhiisaafii araaramaa waan taheef” (Suuraa Nisaa’i : 97-99)*

فَإِذَا رَكِبُوا فِي الْفُلِكِ دَعُوا اللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ فَلَمَّا نَجَّوهُمْ إِلَى الْبَرِّ إِذَا هُمْ يُشْرِكُونَ ﴿٦٥﴾

*“Isin yaa gabroota tiyya kan natti amantanihoo dachiin tiyya bal’oodhaa (yoo rakkattan godaanaa) ana qofas gabbaraa” (Suuraa Ankabuut : 56)*

Aayaan tuni godaanuu (Hijraa) dhabanii, makkaa keessatti muslimtoota hafan ilaalchiisuudhan tandabarfamte jechuudhaan bagawiin dubbatanii jiru. hijraan barbachisaa tahu isaa ilaalchisudhaan ragaan sunnaa irraa hadiisa Rasuulaa (SAW) kan asii gadditti dhufu kana.

لا تَقْطَعِ الْهَجْرَةَ حَتَّى تَقْطَعَ التَّوْبَةَ، وَلَا تَقْطَعِ التَّوْبَةَ حَتَّى تَطْلُعَ الشَّمْسُ مِنْ مَغْرِبِهَا))

**“Tawbaan haga cittutti hijraan (godaansi) hin cittu, tawbaan ammoo hanga aduun gama dhihaatiin deebitee baatutti hin dhaabattu.”**

Nabiyyiin (SAW) madiinaa keessa waggaa qubatan kan akka Zaka, Sooma, Azaanaa, Jihaada, waan gaaritti ajjajuu, badduu irraa seeruufii kan kana fakkaatan heerawwan amanti islaamaa tan birootis akka dalagaa irra oolchisiisan ajajaman. kana godhaa eega waggaa kudhan fixan boodas jiruu adunyaa tanarraa deeman amantiin isaanii garuu hanga qiyaamaatti itti fufaa tahee tura. Nabiyyiin (SAW) waan gaarii tahee osoo ummata isaanii itti hin

qajeelchin, waan badaa tahee osoo irraa hin seerin kan hafan takkollee hin jiru. Wannii toltuun (gaariin) ummata isaanii itti waaman tawhiidaafi waan Rabbiin jaalatu hunda yoo tahu, wannii irraa seeran shirkiiddhaafi waan Rabbiin jibbuuf waan hin qeeballe hunda. Rabbiin (SW) ilma nama hundatti kan isaan erge yootahu aja; isaan dabarsanis dalagaa irra oolchuun dirqama ilma namaatiifi jinniillee godhee jira. kanaafis ragaan jecha Rabii (sw) kan asii gaditti dhufu kana:

قُلْ يَا أَيُّهَا النَّاسُ إِنِّي رَسُولُ اللَّهِ إِلَيْكُمْ جَمِيعًا

“(Yaa Muhammad); isin yaa ilmaan nama ani gama keessan hundattu (Rabbiin biraa) ergamaadha jedhiin”  
(Suuraa A'iraaf : 158)

Nabiyyummaa isaanitiinis Rabbiin amantii guutee jira. kanaafis ragaan jecha Rabii (SW) kana:

الْيَوْمَ أَكْمَلْتُ لَكُمْ دِينَكُمْ وَأَتَمَمْتُ عَلَيْكُمْ نِعْمَتِي وَرَضِيتُ لَكُمُ الْإِسْلَامَ دِينًا

“Har'a amantii keessan isiniif guute jira, qananii kiyyas isin irratti guutee (xumuree) jira. Isiniifis amantii (heera) keessaa islaamummaa isiniif jaaldhee jira” (Suuraa maa'idaa:3)  
Ragaan du'a isaani (Nabiyyi) (S.A.W):

﴿٣٠﴾ تَرَانِكُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ عِنْدَ رَبِّكُمْ تَخْتَصِمُونَ ﴿٣١﴾

“Atis du'aadha, isaanis du'oota, Eegasiiyis isin guyyaa kaafamaa Rabbiin duratti wal mormitan” (Suuraa Zumer:30-31)

Namoonni eega du'an booda guyyaa ka'iinsaa ni-kaafamu; kanaafis ragaan jecha Rabii (SW) kana:

﴿٥٥﴾ مِنْهَا خَلَقْنَاكُمْ وَفِيهَا نُعِيدُكُمْ وَمِنْهَا نُخْرِجُكُمْ تَارَةً أُخْرَى ﴿٥٥﴾

“Isii (lafa) irraa isin uumne, isittis isin deebisna, isii keessaayis yeroo biroo isin baafna” (Suuraa Xaahaa : 55)

﴿١٧٨﴾ وَاللَّهُ أَنْبَتَكُمْ مِنَ الْأَرْضِ نَبَاتًا ﴿١٧٧﴾ ثُمَّ يُعِيدُكُمْ فِيهَا وَيُخْرِجُكُمْ إِخْرَاجًا ﴿١٧٨﴾

***“Rabbiinis dachii irraa biqiliinsa isin biqilche, eegasiiyis isiikeessatti isin deebisa, boodas isii irraa guuyyaa qiyaamaa isin kaasa” (Suuraa Nuuh:17)***

Namoonni du'a irraa eega kaafaman booda, jiruu duniyaa tana irratti waan dalagaa turan gaafatamanii mindaa dalagaa isaanii ni-argatu, kanaafis ragaan jecha Rabbii (SW) kan asii gaditti dhufu kana:

وَلِلّٰهِ مَا فِي السَّمٰوٰتِ وَمَا فِي الْاَرْضِ لِيَجْزِيَ الَّذِيْنَ اَسْتَوٰ بِمَا عَمِلُوْا وَمَجْزٰى  
الَّذِيْنَ اَحْسَنُوْا بِالْحَسَنٰى ﴿٣١﴾

***“Wanni samii keessaafii dachii keessaa hundi tanuma Rabbiiti. akka isaan (warra balleesse) waan dalaganiin qixaaxuufii, wara gaarii dalages toltuudhaan (jannataan) jazaa isaanii deebisuuf. (kan jallatee fii qajeeles nibeekaa tii)” (Suuraa Najm :31)***

Du'a booda kaafamuun jiraachuu namni balaaleffate, waakkataa yookaan kaafira taha. kanaafis ragaan jecha Rabbii (S.W) kan dhufu kana:

زَعَمَ الَّذِيْنَ كَفَرُوْا اَنْ لَّنْ يُّبْعَثُوْا قَلْبًا وَّوَرِي  
لِنُبْعَثَنَّ ثُمَّ لَنَنْبُوْنَ بِمَا عَمِلْتُمْ وَذٰلِكَ عَلٰى اَللّٰهِ يَسِيْرٌ ﴿٧﴾

***“Warriin waakkatan suni homaallee hin-kaafamnuu yaadaa jirani miti; Rabbii kiyyaan nikakadha, dhugatti nikaafamtu, boodas waan dalagdan hundattuu mindaa isaa ni argattu, kunis Rabbiin biratti laafaadha jedhiin.” (Suuraa Tagaabun :7)***

Rabbiin (SW) Ergamtoota hundaa gammachiiftotaafii sodaachiftoota godhee ergee jira. ragaan is jecha Rabbii (SW) kan dhufu kana:

رُّسُلًا مُّبَشِّرِيْنَ وَمُنْذِرِيْنَ لِّيَايْكُوْنَ لِلنَّاسِ عَلٰى اَللّٰهِ حُجَّةٌۢ بَعْدَ الرُّسُلِ

***“Ergamtoota gammachiiftotaafii sodaachiftoota taate erginee jirra; booda jaraatii namootarraa Rabbiin irratti ragaan akka hin jiraanneef jecha” (Suuraa Nisaa'a : 165)***

Ergamaan duraa nabiyyii Nuuh (A.S.) yoo tahu ergamaan boodaa (kan dhumaa) nabiyyii Muhammed (SAW), Nabiyyiin Nuuh ergamaa duraa tahuu isaanii ragaan jecha Rabbii (SW) kan asii gaditti dhufu kana:

﴿ إِنَّا أَوْحَيْنَا إِلَيْكَ كَمَا أَوْحَيْنَا إِلَى نُوحٍ وَالنَّبِيِّينَ مِنْ بَعْدِهِ ﴾

*“Nutti wahyii (ergaa)gama Nuuhifi nabiyyoota isa boodaa hundatti akkuma goone,gama keetis goone” (Suuraa Nisaa'i : 163)*

Rabbiin (SW) namootaa ergamtoonni Nuuh irraa hanga Muhammaditti (SAW) jirtu itti ergamte hundaayyuu, isa (Rabbuma) qofa akka gabbaran ajajuudhaan waan Rabbiin hin tahin hundaayyuu akka hin gabbarre dhoorguudhaan eemaree jira. kanaafis ragaan jecha Rabbii (SW) kana:

﴿ ۝۳۰ وَلَقَدْ بَعَثْنَا فِي كُلِّ أُمَّةٍ رَسُولًا ﴾

﴿ أَنْ أَعْبُدُوا اللَّهَ وَأَجْتَنِبُوا الطَّاغُوتَ ﴾

*“Namoota hundaa keessatti Rabbiin qofa gabbaraa, taabotoota (waan Rabbiin alatti gabaraman hunda) irraa fagaadhaa; jeechuudhan ergamtoota dhugatti erginee jirra” (Suuraa Nahl : 36)*

Taabotoota balaaleffachuudhaan Rabbiin qofatti amanuun namoota hundarratti Rabbiin dirqama godhe. Ibnul-qayyim (RA) taabota (xaaguut) jechuun maal jechuu akka tahe wagguu ibsan: " inni waan namni tokko uumaa namaatii oliitti godhee (Ilaalee) gabbaru, jaladeemuu yookaan ajajamuufidha" jedhanii jiru. sanyiileen taabotaa heddu yoo ta'an mataaleer (gugurdooleen) isaanii shani isanis:

- 1- Ibliis kan Rabbiin abaare.
- 2- Gabbaramuu jaalatee nama gabbarame.
- 3- Nagabbaraa jedhee nama ofitti namoota yaame.
- 4-Waan nama irraa dhokate tokko(geeybaa) ni-beeka kan jedhuufii

5-Heera Rabbiin buuse dhiisee heera namni uuneen kan murtii dabarsu ykn bulchuudha.

kanaafis ragaan jecha Rabbii (S W) kan dhufu kana:

لَا إِكْرَاهَ فِي الدِّينِ قَدْ تَبَيَّنَ الرُّشْدُ مِنَ الْغَيِّ فَمَنْ يَكْفُرْ بِالطَّاغُوتِ وَيُؤْمَرْ  
بِاللَّهِ فَقَدْ اسْتَمْسَكَ بِالْعُرْوَةِ الْوُثْقَىٰ لَا انفِصَامَ لَهَا وَاللَّهُ سَمِيعٌ عَلِيمٌ ﴿٢٥٦﴾

*"Amantitti dirqisiisuun hin-jiru; karaan qajelaan dhugatti karaa jallinnaa irraa ifa baheejira, namni taabotoota (xaagutoota) kan waakkateefii Rabbiti kan amane suni, inni haadatitii cinnana hin qabne sanatti dhugatti hidhame (qabate). Rabiin dhaghaafii beekaallee." (Suuraa Baqaraa : 256)*

Kun (Aayaan tun) gabaabinnatti hiikkaa jecha "Iaa ilaaha illallaah" jedhuutiidha.

Hadiisa keessattis jecha nabiiyi (SAW) kan asii gaditti dhuu kana arganna:

((رأس الأمر الإسلام وعموده الصلاة وذرورة سنانه الجهاد في سبيل الله))

"Mataan waan hundaadtuu Islaa mummaadha, utubaan isaa salaata, kabaan gubbaadhaa ammoo karaa Rabbii irratti duu'uu (jihada)" jedhanii jiru.

*Hundeewwan sadaniifi rgaaleen isiidha  
asitti dhume*

*Ulaagaalee Salaataattu Itti Aana*



JALQABNI MAQAA RABBI RAHMATA QABUUTIINI  
 ﷻ ULAAGAALEE (SHARXIILEE) SALAATAAF ﷻ  
 GUUTAMUU QABAN

Ulaagaaleen salaataaf guutamuu qaban sagal isaanis:

- 1- Islaama tahuu,
- 2- Mataan fayyaa qabaatuu,
- 3- Umrii itti of-beekan gahuu (Daa'ima tahuu dhabuu),
- 4- "Hadasa" ufirraa fuudhu (qulqullinna guutua qabaachuu),
- 5- Najisa irraa qulqullaahuu, (waan akka udaaniitifii fincaani irraa qulqullaahuu),
- 6- Nafa saalaa (Awraa) dhoysuu,
- 7- Yeroon salaataa gahuu,
- 8- Fuula karaa qiblaa (makkaa) gara galchuufii
- 9- Salaataaf "niyyaa" godhuudha.

**Sharxiin duraa:** Islaamummaa yoo tahu faallaan isaa kufriidha. Namni waakkataa (kaafira) tahe tokko haguma fedhe osoo toltuu ykn gaarii dalagee dalagaan isaa irraa fudhatama hin qabu. kanaafis ragaan jecha Rabbii (SW) kan asii gadditti jiru kana: مَا كَانَ لِلْمُشْرِكِينَ

أَنْ يَّعْمُرُوا مَسْجِدَ اللَّهِ شَاهِدِينَ عَلَىٰ أَنْفُسِهِم بِالْكَفْرِ أُولَٰئِكَ حِطَّتْ  
 أَعْمَالُهُمْ فِي النَّارِ هُمْ خَالِدُونَ ﴿١٧﴾

*“Waakkattootaaf (kaafirtootaaf) nafsee isaanii irratti kufrii haala ragaa bahaniin, masjidada Rabbii ijaaruun isaan irratti hin jiraatu isaan dalagaan isaanii badde, isaanis ibidda keessatti abad warra taa'u.” (Suuraa Tawba:18)*

وَقَدْ مَنَّآ إِلَىٰ مَا عَمِلُوا مِنْ عَمَلٍ فَجَعَلْنَاهُ هَبَاءً مَنْثُورًا ﴿٢٣﴾

*“Dalagaa irraa waan isaan dalaganitti tarkaanfii fudhannee duuraa bubbeen fuute isa goone” (Suuraaa Furqaan : 23)*

**Sharxiin lammaffaa:** nama mataan fayyaa qabu tahuu yoo tahu, faallaan isaatis maraatuma. maraataan ammoo hanga maraatuma irraa deebi'ee fayyuttiifii hanga mataa ofii beekutti waan

dalagu tokkoof itti gaafatamaa hin tahu kanaafis ragaan jecha 25

Rasuulaa (SAW) kan asii gaditt jiru kana:

((رفع القلم عن ثلاثة: النائم حتى يستيقظ، والمجنون حتى يفيق، والصغير حتى يبلغ))

"Nama sadi irraa katabaan dhaabbatte (itti hin gaafatamu) isaanis: namni rafe hanga irribaa dammaqutti, namni maraate hanga fayyee ofbeekutti, daa'imni hanga 'haddii buluugaa' (guddinnaa) gahuuti" (*Hadiisa imaam ahmed galmeessan*)

**Sharxiin sadaffaadhaa:** nama ufbeekeeffii waa addaan baafate tahuu yoo tahu, faallaan isaa daa'imummaadha, kunis umrii waggaa torba gahuudha, torba yoo guute akkaataa hadiisa Rasuulaa(S.A.W) asii gaditti dhufu kanaan akka salaatu ajajama:

مروا أبنائكم بالصلاة لسبع، واضربوهم عليها لعشر، وفرقوا بينهم في ((المضاجع))

"Ijoolleen teessan waggaa torba yoo geette salaataati ajajaa. waggaa kudhan yoo guutan akka salaatan irratti tumaa, ciisinsa (bultii) keesattis adaan baasaa"

**Sharxiin afraffaadhaa:** Hadasa ufirra fuudhu yoo tahu, innis wuduu'uma beekama godhachuudha. Wuduu'a godhuchuu dirqama kan godhu (hadasa) diigama wuduu'aa yoo tahu wuduu'in mataa isaatti isa guutuudhaaf wantoota baarbaachisan (shuruuxa) 10 qaba. kunniinis muslima tahuu, fayyaa mataa qabaatuu, mataa ofii beekuu, umrii geessisu gahuu, niyyaa godhuu, waan wuduu'a dirqama godhu guutummaan guututi dhaabuu, wuduu'aan duratti nafoota fincaanii lamaan bishaaniin ykn waan gogaadhaan qulqulleessuu, bishaan itti fayyadaman qulqulluu (xaahir) tahuufii itti fayydamuun kan hayyamaine tahuu, bishaan karaa nafaa akka hin geenne wanta dhorgu gogaa ykn qaama namaa irra yoo jiraate dhabamsiisuufii wuduu'a wanni diigu ammaa amma nama isa mudatu yootahe yeroon salaata wuduu'a sana godhuuf isaa gahuudha.

Dirqamni wuduu'aa (fardiin) jaha yoo tahan isaanis:

Lulluqachuufii bishaan funyaaniin olfuudhuudhani baasuu wajjin fuula dhiqachuu, daangaan fuulaa: dheerinnatti

magaree rifeensa mataa irraa eegalee hanga lafee areedaatti,  
dalgatti ammoo gurra irra hanga gurra lamuutti kan jiruudha.

Harkoota lamaan hanga chqileetti dhiquu

Mataa guutumaan guututti quyyisuu, achumaan gurra  
lamaanille,

Lukoota lamaan hanga kiyyootti dhiquu ,

Tartiiba isaa eeguu,

Walhordofsiisuu.

Kanaa fis ragaan jecha Rabbii (SW) kan asii gaditti dhufu kana:

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا إِذَا قُمْتُمْ إِلَى الصَّلَاةِ فَاغْسِلُوا وُجُوهَكُمْ

وَأَيْدِيكُمْ إِلَى الْمَرَافِقِ وَامْسَحُوا بِرُءُوسِكُمْ وَأَرْجُلَكُمْ إِلَى الْكَعْبَيْنِ

*“Yaa isin warri amantan! salaataaf wagguu dhaabbattan  
fuula keessaniifii harkoota keessan hanga ciqileetti  
dhiqaa, mataa keessanis quyyisaa, lukkiin keessanis  
hanga kiyyootti dhiqaa” (Suuraa Maa`ida: 6)*

Ragaan tartiiba isaa eeganii walitti aansuudhaan wuduu'a  
godhuudhaa jecha nabiiyi (SAW) kan asii gaditti dhufu kana:

((ابدأ بما بدأ الله به))

"Rabbiin aayaa isaa keessatti kan eegaleen eegalaa".

Wagguu wuduu'a godhanis osoo hojjaan hin kutin  
walhordofsiisuudhaan godhuun dirqama tahuu, nabiiyiin (SAW)  
namicha wuduu'a godhatee dhufe luka isaa irratti bottollee /bakka  
bishaan hin tuqin/ hanga dirhama takkaa geettu arganii itti deebi'itii  
wuduu'a keeti guuti kan jedhan tahuu isaaniitii."

Waajibni wuduu'aa ammoo wagguu eegalan yoo yaadatan  
Bismillah jeddhanii maqaa Rabbiitiin eegaludha.

Wantoonni wuduu'a balleessan waa saddeeti isaanis:

- 1- Nafoota saala kan karaa duraatiifii karaa boodaa jiraniin  
Garaa keessaa wanti bahu hundinu,
- 2- Qaamota biroo irraa baayinnaan wanti bahu (kan akka  
dhiigaa) kan jiru wantoota najisa tahan,

- 3- Aqliin (sammuun) deemuu (maraatummaan, irribban ykn machiin),
- 4- Dhiiraafii dubartiin fedhiidhdaan waltuquu,
- 5- Nafa saala kan karaa duraa ykn karaa booda jiru harkaan tuquu,
- 6- Foon gaalaa nyaatuu
- 7- Nafa (qaama) nama du'ee dhiquufii
- 8- Islaamummaa irraa gara galuu, ( Rabbin irraa nuhaa eeguu)

**Sharxiin shanaffaa:** najisa wantoota sadi irraa qulqulleessuu isaanis: nafa, uffataafii, bakka itti salaatan irraa qulqulleessuu. kanaafis ragaan jecha Rabbii (SW) kan asii gaditti dhufu kana:

وَيَا بَاكَ فَطَهِّرْ

**“Uffata keetis qulqulleessi” (Suuraa Muddesir : 4)**

**Sharxiin jahaffaa:** nafa saala ufii (Awraa) haguuguu yoo tahuu, uuffatuu osoo dandahu qullaa namni salaate salaanni isaa kan irraa hin fudhatamne tahuu beektonni afaan tokkoon ittiwalii galanii jiru. Nafni saalaa kan dhiiraa handhuura isaa iraa hanga jilba isaa nafa jiru yoo tahu, dubartii gabrummaadhaan jirtuufis akkanuma handhuura isii irraa hanga jilba isiitti kan jiruudha. Dubartiin walabni ammoo fuula isii malee nafni jiru hundinuu qaama saalaati (qaama haguugamuun irra jiraatu) jechuudha. kanaafis ragaan jecha Rabbi (SW) kan asii gaditti dhufu kana:

يٰٓبَنِيٓ آدَمَ خُذُوٓا زِينَتَكُمْ عِندَ كُلِّ مَسْجِدٍ  
وَإِن كُنْتُمْ جُنُبًا فَاطَّهَّرُوا وَلَا تَسْرِفُوا إِنَّهُ لَا يُحِبُّ الْمُسْرِفِينَ

**“Yaa ilmaan Adam! midhagsituu keesan (Awraa waan isinii haguugu) bakka itti salaataan hundattuu qabadhaa (uffadha)” (Suuraa Aa'iraaf:31)**

**Sharxiin torbaffaadhaa:** Yeroon salaataa gahuu yoo tahu, ragaan isaatis malaa'ikaan Jibriil (A.S) Nabiiyyii imaamummaadhaan yero salaataa tan duraatiifii tanboodaa tittillee salaachisee; yaa muhammed salaata salaatuun yeroolee lamaan tana jidduu yeroo jirutti, jedhamee hadiisa itti dubbatameedha.

Ragaan biroo ammoo jecha Rabbii (SW) kan armaan gaditti jiru:

إِنَّ الصَّلَاةَ كَانَتْ عَلَى الْمُؤْمِنِينَ كِتَابًا مَوْقُوتًا ﴿١٠٣﴾

“Salaanii mu'imintoota irratti dirqma yeroodhaan murtuoyte”  
(Suuraa Nisaa'i:103)

Ragaan yeroodha jecha Rabbi ol'aaneetii:

أَقِمِ الصَّلَاةَ لِذُلُوكِ الشَّمْسِ إِلَى غَسَقِ اللَّيْلِ وَقُرْءَانَ الْفَجْرِ إِنَّ  
قُرْءَانَ الْفَجْرِ كَانَ مَشْهُودًا ﴿٧٨﴾

“Salaata, dabiinsa aduu irra hanga dukkana halkaniitti  
salaati, salaata subhiitis salaati salaanni subhiidhaa kan  
(malaa'iktoonni) iriti namua rugaa baatuutii” (Suuraa Isra'i:78)

Sharxiin saddeettaffa: yeroo salaataa salaatan jehaa 'Beeyti'  
(karaa qiblaa) gara galuu, yootahu ragaan isaa jecha Rabbi (S.W)  
kan asii gaditti dhufu kana:

قَدْ زُرِّيْ نَقَلْتُ وَجْهَكَ فِي السَّمَاءِ فَلَنُوَلِّيَنَّكَ قِبْلَةً تَرْضَاهَا فَوَلِّ  
وَجْهَكَ شَطْرَ الْمَسْجِدِ الْحَرَامِ وَحَيْثُ مَا كُنْتُمْ فَوَلُّوْا وُجُوْهَكُمْ شَطْرَهُ

“Garagaliinsa fuula keetii karaa samiidhaa dhuugatti ni-agarra,  
karaa qiblaa jaalattuutis garasigalchina, kanaafuu fuula kee  
karaa masjiida ulfaataa (karaa ka'ibaa) gara galchi, fuula  
keessan bakkuma feetanu taatanii (wagguu salaattanis) karama  
isaa garagalchau.” (Suuraa Baqarah : 144)

Sharxiin saglaaffaadhaa: Niyyaa godhuu yoo tahu kan  
godhamus onnee keessatti. niyyaa sagaleedhaan ol-fuudhanii  
dubbatuun garuu bid'aa (Amantii keessa waan hin jirre haarayaa  
waan namni uume)dha. kanaafis ragaan jecha nabiiyii (SAW) kan  
asii gaditti dhufu kana:

((إنما الأعمال بالنيات, وإنما لكل امرئ ما نوى))

“Dalagaan hundinuu Rabbiin biratti fudhatama kanqabdu  
yoo niyyaadhaan dalagame qofaadha. namni hundinuu  
akkuma garaa isaa keessatti yaadeen (niyyaa godheen) argata.”



## ARKAANA (HUMNA) SALAATAA

Arkaanni salaataa kudha afur, isaanis:

- |  |   |
|--|---|
| <p>1-Namni dhaabbatuu dandahu dhaabbatee salaatu,<br/>2-Allaahu akber (Takbiiraa hidhannaa) jechuu,<br/>3-Faatihaa qara'uu,<br/>4-Ganaalee lamaan jilboota lamaan irra kaahuudhaan duugdaan gadijedhuudhaan rukuu'a godhuu,<br/>5-Rukuu'a irraa oljedhuudhaan dhaabbata akka duraati deebiuu,<br/>6-Qaamota torban, jechuunis: Adda, Ganaa harkaa lamaan, Jilboota lamaanii Quboota luka lamaanii lafa tuqsisuudhaan sujuuda godhuu,</p> | <p>7-Sujuuda irraa ojechuu,<br/>8-jidduu sujuuda lamaanii miilarra taa'uu,<br/>9-Ruknoota salaataa hunda keessattuu yeroo xiqqashoodhaaf ziqiidhaan (xum'aniinaan) turuu, .<br/>10-Tartiiba isaa eeguu<br/>11-Tashahuda(Attahiyyaata) xumuura salaata irratti qara'uu<br/>12-isaafis taa'uu ,<br/>13-Rabbiin nabiyyiidhaaf (S.A.W) rahmata kabajaa qabaate akka godhuuf kadhachuudhaafii<br/>14-Salaaticha salaamata lamaan cufuu (xumuuruu) dha.</p> |
|--|---|

**Rukniin duraa:** nama dandahuuf dhaabbatee salaatu yoo tahu, kanaafis ragaan jecha Rabbi (SW) kan asii gaditti dhufu kana:

**حَافِظُوا عَلَى الصَّلَوَاتِ وَالصَّلَاةِ الْوَسْطَىٰ وَقُومُوا لِلَّهِ قَانِتِينَ**

**"Salaatota irratti (keessattuu) salaata jiddu jireetti tiyfadhaa /eegadha/. Ajajamtoota tahuu dhaanis Rabbii dhaabbadhaa."**  
(Suuraa Baqara : 238)

**Rukniin lammataa:** salaata eegaluudhaaf takbiiraa (Allaahu akbar) jeehuudha. kanaafis ragaan hadiisa Rasuula(S.A) kan:

**((تحريمها التكبير، وتحليلها التسليم))**

**"Seensi (eegaliinsi) salaataa takbiiraadha, xumuurriin (bahiinsi) salaataa salaamata (Assalaamu alaykum) jechuudha"** kan jedhuudha. Takbiiraa booda du'aa'iin eegaliinsaa niqara'ama du'aa'iin eegaliinsaa kuni sunnaa yoo tahu, innis kan asii gaditti dhufu kana:

((سبحانك اللهم وبحمدك، وتبارك اسمك، وتعالى جدك، ولا اله غيرك ))

"Subhaanaka allaahumma wabihamdika watabaaraka ismuka wata'aalaa jadduka walaa'ilaaha gayruka."

Hiikkaan isaatis: "Yaa Rabbi qulqulinni siif haa tahu, galanni siif haa galu, maqaan kee barakate mootumti teetis oltaate simalees mootiin biroo hin jiru" jechuu dha.

*Qulqulinni siif haa tahu jechuun:* qulqulina guddinna keetiin malu siqulqulleessa (waan siin hin mallerra) jechuu.

*Galanni siif haagalu jechuun:* jajuufii faaruun siif haa gahu jechuudha.

*Maqaan kee kan barakaati jechuun:* maqaa kee kaasuun (yaadachuun) nama barakachiisa jechuu dha.

*Mootumti tee ol-taate jechuun:* ati hundaa oliiti humna qabeessa (jaboodha) jechuudha.

*Simalee mootiin biroo hin jiru jechuun ammoo:* yaa Rabbii lafattis ta'i samiittis simalee kan gabbaran mootiin biroo kan dhugaadhaa hin jiru jechuudha.

Du'aaii boodas "Aa'uuzu billaahi mina-shayxaani-rrajiiim" jechuun barbaachisaadha. Hikkaanis: "Yaa Rabbi shayxaana abaaramaa rahmata keetirraa fagaate waa'ee amantiittis ta'i waa'ee duniyaa (adunyaa)tti akka nahin miine siin irraa eegama" jechudha. Eegasiyis faatihaa (suuraa bantuu qur'aanaa) raka'aa hunda irrattuu qara'uun ruknii (arkaana) salaataa irraa tokkoodha. kunis haala hadiisa Rasuulaa (S.A.W) kan asii gadditti jiruu kanaani:

(( لا صلاة لمن لم يقرأ بفاتحة الكتاب ))

"Namni faatihaa (suuraa bantuu qur'aana hin-qara'in hin-salaanne"

Suuraan Faatihaadhaa haadha qur'aanaati isiinis kan asii gaditti dhuftu tana:

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ ① الْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ  
الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ ② مَلِكِ يَوْمِ الدِّينِ ③ إِيَّاكَ نَعْبُدُ وَإِيَّاكَ  
نَسْتَعِينُ ④ اهْدِنَا الصِّرَاطَ الْمُسْتَقِيمَ ⑤ صِرَاطَ الَّذِينَ أَنْعَمْتَ  
عَلَيْهِمْ غَيْرِ الْمَغْضُوبِ عَلَيْهِمْ وَلَا الضَّالِّينَ ⑥

"Bismillaahi-rrahmaani-rrahiim; Al-hamdu lillaahi Rabbil-aalamiin; Arrahmaani-Rrahimm; Maalik yawmi-

*ddiin; iyyaaka na'abudu wa'iyyaaka nasta'iin; ihdina-ssiraaxal mustaqiim; siraaxa-llaziina an'amta aleeyhim; geyrilmagduubi alaayhim; waladduaalliin".*

Hiikkaan isaatis:

*"Maqaa Rabbii Rahmaaniifii Rahiim taheetiin (jalqaba); Faaruun Rabbiif isaa mootii Aalamaa taheef, Rahmaaniifii Rahiimiin kan tahe, Mootii (Abbaa) guyyaa murtii (guyyaa qiyaamaa) kan tahe; Sima qofa gabbara, Sima qofa gargaarsifannas. Karaa qajeelaa mu-deemsisi (mu-qabachiisi); kara isaaman gaarii oolteef (qabatan), kara isaan (warri ati) irratti lolakee buufteefii (warri)jallatan (qabatan) kan hin ta'in (mu-qabsiisi) jedhaa.*

Hikkaan isaa bal'innaan- *"Maqaa Rabbiitiin"* jechuun: barakaa argachuufii isatti gargaarsifachuuf maqaa isaatiin jalqaba jechuudha. *"Galannii Rabbiifi"* jechuun galanniifii faaruun hundi isaaf haatahu jechuudha. *"Mootii Aalamaa (Adunyaa)"* jechuun Aalama (Adunyaa) jechi jedhuu waan Rabbiin alatti tahe waan hundaayyu kan mul'isu (kan walitti qabu) dha. mootii jechi jedhuu ammoo kan adunyaa kana hunda uumeefi abba adunyaa (uumamaa) kanniinii jechuu kan mul'isuudha.

*"Rahmaan"* jechuun rahmanni isaa uumamtoota hundaaf kan tahe mootii waa hundaa olitti gara-laafaa (rahmat-qabeessa) jechudha. *"Rahiim"* jechuun rahmanni isaa keessattuu mu'imintootaaf kan tahe mootii baayyee rahmat-qabeessa jechuudha. Hikkaa kanaafis ragaan jecha Rabbii (SW) kan asii gaditti dhufu kana:

وَكَانَ بِالْمُؤْمِنِينَ رَحِيمًا ﴿٤٣﴾

*"Warra mu'imintoota tahaniif (amananiif) baayyee rahmat qabeessa (Rahiimi) (Suuraa Ahzaab : 43)*

*"Abba (mootii) guyyaa murtiidhaa"* jechuun abba guyyaa hundinu akkuma hujii ofiittiin kan gaarii dalages gaarii badduu kan dalages bddu itti argatu guyyaa qorqortiifii murtiidhaa jechuudha. kanafis ragaan jecha isaa (SW) kan asii gaditti dhufu kana:

وَمَا أَدْرَاكَ مَا يَوْمَ الدِّينِ ﴿١٧﴾ ثُمَّ مَا أَدْرَاكَ مَا يَوْمَ الدِّينِ ﴿١٨﴾

يَوْمَ لَا تَمْلِكُ نَفْسٌ لِنَفْسٍ شَيْئًا وَالْأَمْرُ يَوْمَئِذٍ لِلَّهِ ﴿١٩﴾

"Guyyaan qiyaamaa (murtii) maal akka tahe maaltu sibeeksise? Ammas guyyaah qiyaamaa maal akka tahe maltu sibeeksise? (inni) guyyaa nafseen takka nafsee takkaaf homaa godhuu hin dandeenneedha. Guyyaa sanis wanti hundinuo (murtiifii kan birootis) Rabbiin qofaafi" (Suuraa Infixaar :17-19)

Ragaan biroo hadiisa Nabiyyichaa kan asiigaditti dhufu kana:

(( الكيس من دان نفسه وعمل لما بعد الموت، والعاجز من أتبع نفسه هواها، وتمنى على الله الأمانى ))

"qaruuteen: nama lubbuu ufii mormee gadiqabuudhaan jiruu abad (fustu) taate tan du'a booda jirtuuf dalageedha. Gowwaa (Dadhabaa) jechuun amoo fedhii nabsee ykn lubbuu jala deemee tattaafannaa (dalagaa) tokkoon maletii araarama Rabii argatuudhaaf hawii hin taane kan hawwuudha."

"Sima qofa gabbaras" jechuun: simalee eenyuunu /homaatuu/ hingabbarru jechuu yootahu, Isamalee homuu akka hin gabbarre waadaa (ahadii) gabricha-Rabbiitiifi Rabbiin jeddutti taheedha.

"Sima qofa gargaarsa kadhannaas" jechuun: isa malee kan biroo irraa gargaarsa akka hin kadhanne waadaa jedduu isaatiifii gabricha isaatitti tahe jechuudha. "karaa qajeelaa nu qajeelchi (nu qabsiisi)" jechuun: qajeelaa jallinnaafii olii gadi goriinsa kan hin qabne kara Muhammadiifi karaa qur'aana kan tahe kara islaamaa nuqabachiisi isarrattis warra gadidhaabbatu (sabatu) nugodhi jechuudha. "kara isaaman irratti gaarii oolteefii" jechuun: kara mu'imintoota irratti qananiifte jechuu: yootahu ragaan is jecha Rabii (S.W) kan asii gaditti dhufu kana:

وَمَنْ يُطِيعِ اللَّهَ وَالرَّسُولَ فَأُولَئِكَ مَعَ الَّذِينَ أَنْعَمَ اللَّهُ عَلَيْهِمْ مِنَ النَّبِيِّينَ وَالصِّدِّيقِينَ وَالشُّهَدَاءِ وَالصَّالِحِينَ وَحَسُنَ أُولَئِكَ رَفِيقًا ﴿٦١﴾

"Namoonni Rabbiifii Muhammadiifis ajajaman (eejedhan) isaan isaannan warra Rabbiin isaan qananiise

**(Arjoome) nabiyyoota, dhugoomsitoota, shuhadaa'ota (warra jihaadaafi karaa Rabbii irratti du'an) fii warra toltuu dalagan wajjiin tahan; hiriyoomni jaraatis waatole (bareede)."**(Suura Nisa' 69)

"isaan irratti lolakee buufte kan hin tahin" jechuun: beekkumsi isaaniif kennamee osoo jiru warra itti hin dalagin yahuudota kan (akka isaanii tahuu irraa akka nu'eegu Rabbiin nikadhanna.)

"Ammallee warra Jallatan kan hin tahin " jechuun: ammoo karaa jallinnaafii wallaaluma irratti hundaayanii waar Rabbiin gabbaran kristiyaanota kan ilaaluudha. (Rabbiin karaa isaanii iraa akka nufageessu nikadhannaan. kanaafis ragaan jecha Rabbii (SW) kan asii gaditti dufu kana:

قُلْ هَلْ نُنَبِّئُكُمْ بِالْأَخْسَرِينَ أَعْمَالًا ﴿١٠٣﴾ الَّذِينَ ضَلَّ سَعِيَّهُمْ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا  
وَهُمْ يُحْسِبُونَ أَنَّهُمْ يُحْسِنُونَ صُنْعًا ﴿١٠٤﴾

**"Dalagaadhaan bayyee kan hoongahan isinitti himnuu? jedhiin. Isaan, jara hojii tolchan (bareechan) itti fakkaatu yotahu jireenna dhihoo (duniyaa) irratti dalagaan isaanii warra jalaa badeedha"**(Suuraa kahf: 103-104)

Hadiisa Nabiyyicha (S.A.W) kessattis ammoo kan asii gaditti dhufu kana arganna:

((التبعن سنن من قبلكم حذو القذة بالقذة، حتى لو دخلوا جحر ضب لدخلتموه)) قالو يارسول الله اليهود والنصارى؟ قال: (( فمن )) أخرجاه. والحديث الثاني: ((افترقت اليهود على إحدى وسبعين فرقة، وافترقت النصارى على اثنتين وسبعين، فرقة وستفرق هذه الأمة على ثلاث وسبعين فرقة، كلها في النار إلا واحد)) قلنا: من هي يارسول الله؟ قال: ((من كان على مثل ما أنا عليه وأصحابي)).

"Ummatoota isin dura turan Faana badduu, osoo jarri boolla wakkallee /Dib/ kan seenanillee taatee duuka seenuudhan baka seenan seentanii hordoftu". yaa ergamaa Rabbii yahuudotaafii kristiyaantotaa? jennaaniin "silaa kan biroo enyuun haa tahuufii" nuun jedhan. itti aansuunis:

"Yahuudonni bakka 71 qoodaman, kristiyaanonni ammoo bakka 72 qoodaman. Ummani kuni (umanni islaamaa) ammoo

**baka 73 qoodamuu (hunda keessattuu) tokko qofti yoo hafu kuuuwwan hundinu kan ibiddaati"** Yaa ergamaa Rabbii takkattiin ibidda jalaa baatu tuni tami? jennee yoo gaafannu "**karaa anaafii sahaabdonni tiyya irra jirru kana kan fakkaatu warra qabate.**" 'nuun jedhan. (Hadiisa duraa Muslimiif Bukaaritu galmeessan)

Faatihaa eega geessan booda rukuu'a bu'uu (jilbaqabachu) ddha innis: dugdaan karaa duraatti gadi jechuudhaan ganaalee lamaan jilboota lamaan irra kaahani (qabatanii) dhaabata irraa gadi jedhuudha. Itti aansees rukuu'a irraa oljechuudhaan haala wayta duraa irra turanitti deebi'anii dhaabbachuu, eegasiiyis qaamota nafaa torban lafa tuqsiisuudhaan sujuuda godhuu, sujuudota lamaan jiddutti taa'insaan xiqqo turuu. kanaafis ragaan jecha Rabbiitiifii (S.W) jecha Rasuulaa (S.A.W) kan walitti aaneedhufu kana:

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا ارْكَعُوا وَاسْجُدُوا

**"Yaa warra Amantan! (salaata keessan irratti) gadi jedha (rukuu'a godha), mata kessaniinis lafatti gonbifama (sujuuda godhaa)" (Suuraa Hajji : 77)**

**(( أمرت أن أسجد على سبعة أعظم ))**

**"qaama nafaa torba lafa tuqsiisuudhaan sujuuda bu'ee akka salaatu ajajamee jira"** (bukaariifii muslim galmeessan)

Dalagaa hunda (keessattii) ziqii godhu (gallaalchuu) fii tarttiiba isaa akka asii olitti dubbatamettti walitti aansanii salaatuun barbaachisaa tahuu ragaan hadiisa Rasuulaa kan Hadiisa namticha salaata balleessee jechuudhaan beekkamu kan asii gaditti dhufu kana:

عن أبي هريرة قال: "بين ما نحن جلوس عند النبي ﷺ إذ دخل رجل فصلي فسلم علي النبي ﷺ فقال: ((ارجع فصل فاعنك لم تصل)) فعلها ثلاثا ثم قال: والذي بعنك بالحق نبيا لا أحسن غير هذا فعلمني فقال له النبي ﷺ

"Nabiyyiin bira osoo jirru namichi tokko dhufee salaatee nabiiyiidhaaf nagaha (salaamata) dhiheesse, nabiiyiinis (SAW) eega nagaha jalaa qaban booda ((guutte hin salaanneetii itti deebi'itii guutii salaati)) jedhaniin namichaanis itti deebi'ee salaatee wagguu

dhufes ((**ammas hin salaanneetii itti deebi'ii salaati**)) jedhaniinii wagguu sadi itti deebisan, namichaanis wagguu sadi eega itti dedeebi'e booda "*ergamaa dhugaa godhee Rabbii isin ergetti nikakadha kana irra tolchee salaatu hin dandahu, nabarsiisaa*" jedheen. nabiyyiin (SAW) akkana jedhaniin:

((**إذا قمت إلى الصلاة فكبر ثم اقرأ مايسر معك من القرآن، ثم اركع حتى تطمئن راکعاً، ثم ارفع حتى تعتدل قائماً، ثم اسجد حتى تطمئن ساجداً، ثم ارفع حتى تطمئن جالساً، ثم افعل ذلك في صلاتك كلها**))

"Salaataaf qophooftuu wagguu dhaabbattu "Allaahu-akbar" jedhiitii itti aansuudhaan suuraa qur'aanaa irraa waan siif laafe qara'i. boodas rukuu'aaf gadi jedhiitii ziqiidhaan (xumaaniinaan) xiqqasho irra turi. eegasiis rukuu'a irraa oljechuudhaan xiqqasho dhaabadhu. boodas addaan lafatti gombifamuudhaan sujuuda bu'iitii ziqiidhaan xiqqasho irra turi. eegasiis sujuuda irraa oljedhiitii yeroo xiqqoodhaaf taa'insarra turi; raka'aalee (kutaalee) salaata keetii hunda keessatti akka asii olitti ibsame kanatti dalagi."

Tashahudni dhuma (At-tahiyyaatu) akkuma hadiisa asii gaditti dhufu kan ibnu Mas'uud (R.A) odeessan keessatti akka ilaalametti ruknoota salaataa dirqama tahan keessaa tokkoodha. Yeroo duraa "nageenyi gabroota irraa Rabbiif haa tahu" nageenni Jibriiliifii Mikaa'eliif haa tahu" jedhama ture, Nabiyyiin (S.A.W) kana dhoorganii kan jedhuu qabnu wagguu nubarsiisan akkana jedhan:

((**لا تقولوا: السلام على الله من عباده، فإن الله هو السلام، ولكن قولوا:**

**التحيات لله والصلوات والطيبات، السلام عليك أيها النبي ورحمة الله وبركاته، السلام علينا وعلى عباد الله الصالحين أشهد أن لا إله إلا الله، وأشهد أن محمد عبده ورسوله**))

"Nageeni gabroota irraa Rabbiif haa tahu, hin jedhinaa; Rabbiin mataan isaatu nagahaatii, garuu akkana jedhaa "ulfinni hundi, salaadni hundi, wantoonni gaariin hundi kan Rabbiiti; isin yaa nabiyyii, nageenni isin irratti haa tahu,

rahmatni Rabbiitiifii barakaan isaalle; nageenni nuufii gabrootan Rabbi qulqullootaaf (Saalihtootaaf) haatahu. Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biroo akka hin-jirre ragaa baha. Muhammadis (SAW) gabricha Rabbiitiifii ergamaa isaa tahuusaanii ragaa baha" (bukaariin galmeessan)

"ulfinni hundi kan Rabbiitti" jechuun: gadi jedhuufii (rukuu'a godhuufii) mataan lafa tuquu (sujjuda godhu)fii kana kanfafakkaatan haalonni ulfinna mul'isan hundi kan Rabbi qofaaf tahan kan mataa isaati jechuudha. Mootiin aalamaa kan ittiin ulfeeffamu kan akka hundee tahauu, gad-dhaabataa tahuu, hundi kan mataa isaati jechuudha. kanaafu wantoota kanniin keessaa tokkollee nama biraattiif dabarsee kan kenne mushrika (yaguteessaa) yookaan waakkataa (kaafira) taha jechuudha.

"Salaatni (ibaadaan) hundi" jechuun: salaatni (Ibaadaan) hundi kan dhihaatu (godhamu) ykn akka jecha biraatti; salaatonni guyyaadhaa shanan kan salaataman Rabbiif qofaafi jechuudha.

"Wantoonni gaariin" jechuun: Rabbiin jechoota gaariifii dalagaa gaarii malee namarraa hin-fudhatu /qeebaluu/, maddi wantoota gaarii hundaatu isuma jechuudha.

"Isin yaa nabiiyi! nageenni ..." jechuun: Nabiiyiidhaaf nageenni, Rahmataafi barakan akka gahu kadhachuudha. Namni kadhatamuufis Rabbiin waliin hin kadhatamu.

"nageenni nuufii gabrootan Rabbi saalihtootaf" jechuun: mataa keetiifii gabricha Rabbi samii keesas haatahu dachii irra kan jiruuf hundaaf kadhatuufii yoo tahu, gabrootan Rabbi saaliha (qulqulluu) kan tahan Rabbiin isaaniif kadhatan malee Rabbiin waliin qindessanii (sharraksiisani) jara hin gabbaran jechuudha.

"rabbiin malee mootiin biroo akka hin-jirree ragaa baha" jechuun: Rabbi tokkocha malee, samii keessattis haatahu lafa irratii dhugaadhaan gabbaruuniin kan malu mootiin biroo kan dhugaadhaa hin-jirre jiru jedhe haqaan /murannaan/ guutumaan guututti ragaa baha jechuudha.

"Muhammad gabricha Rabbiitiifii ergamaa isaa tahuu ragaa baha" jechuun: ammoo Nabiiyiin gabricha Rabbi kan hin-gabbaramne, Ergamaa Rabbi kan hin-kijibsijfamne, ajaja isaanii qulqullinnaan dalaguufii faana isaanii tarkaanfii-tarkaanfidhaan

hordofanii jala deemuun dirqama tahuu; Rabbiin (S.W) gabricha qulqulluu tahuu isaaniitiin kan isaan kabaje tahu ragaa bahuu. kanaafis ragaan jecha Rabbii (S.W) kan asitti aanu kana:

تَبَارَكَ الَّذِي نَزَّلَ الْفُرْقَانَ عَلَى عَبْدِهِ لِيَكُونَ لِلْعَالَمِينَ نَذِيرًا

*"Inni furqaaniin (dhugaa sobaan addaan baasaa) gabricha isaa irratti aalamaaf (adunyaadhaaf) sodaachisa akka tahu kan buuse (mootiin) kabajaadhaafii qulqulinni isaaf haa tahu" (Suuraa Furqaan :1)*

Eegasiis akka armaan gaditti dubbatametti nabiiyicha irratti nagaha buusuudha:

((اللهم صل على محمد وعلى آل محمد، كما صليت على إبراهيم إنك حميد مجيد.))

*"Allaahumma-salli- alaa Muhammadin wa alaa aali muhammadiin kamaa salleeyta alaa Ibraahiima innaka hamiidun majiid."* hikkaan isaa:

**"Yaa Rabbi akkuma Ibraahiimiif goote kabajaafii nagaha kee Muhammediifii aalii (warra) isaaniillee godhi; ati faarfamaa, ulfaataa (glorious) dha."** jechuudha.

Nageenni Rabbii ebaluuf haa tahu jechuun: akka hadiisa bukaariin Abul aaliyaa irraa galmeessan keessatti ilaalametti aalama mootumsaa tan oltaateetti Rabbiin (S.W) gabricha isaa tokko jaalatee jajuudha rahmata (gara-laafinsa) Rabbiitis kan jedhan nijiru. Haa tahu malee hiikkaa duraatuu sirrii taha; malaa'ikootni salaata buusan jechuun ammoo: namicha saniif Rabbiin araarama kadhatan (du'aa'ii godhan) jechuudha. Namoonni warra birootti nagaha (salawaata) buusan jechuun ammoo: du'aa'ii godhaniif jechuudha. salawaata asii olitti jirutti aansee *"wabaarik alaa muhammadin"* jechi jedhu ammoo dirqama osoo hin-tahin suunnaa dalagamtuufii, dalagaadhaan mirkanooytuutti kan dabalamuudha.

Dirqamoonni salaataa (Waajibootni) saddeet yoo tahan isaanis: jalqabbii salaataatiif tan jedhamtu "takbiratal-ihraamiin" alatti kan tahan takbiiraaleen biroo hundi, rukuu'a wagguu bu'an kanjedhan "subhaana rabbiyal aziim". rukuu'a irraa wagguu oljedhan

imaamaanis tahi ma'imuumaan kan jedhamu "sami'allaahu liman hamidahu" "rabbanaa walakal hamdu" kan jedhus, sujuuda keessatti kan jedhamu "subhaana rabbial-a'alaah", sujuuda lamaan jidduttis kan jedhamu "Rabbigfirlii", raka'aa lammataa irratti kan jedhamu tasha hudni duraa "At-tahiyyatuu" fii tashahuda kannaaf ta'uun dirqamoota salaataatii.

Rukniin salaataa dagatamee YKN beekkaadhaan salaata keessaa yoo hafe salaanni ni-bada (ni-kufa). Dirqamoonni salaataa yoo beekkaadhaan dhiifaman salaatichi kan badu yoo tahu garuu daguudhaan yoo hirdhatan sujuuda sahwii (sujuuda daguu) tiin ni-kiifamu (bakka ni-bu'amu), Rabbiitu beeka.

*Ulaagaaleen, Waajibhaniifi Rukniwwan Salaataa asirratti  
Xumuraman Yoo Rabbi jedhe QAJFELCHOTA AFRANTU Ittifufa.*

=====//=====

## QAJEELCHOTA AFRAN

### JALQABNI MAQAA RABBI RAHMATA QABUUTIINI

Abbaa arshii guddittidhaa kan tahe Rabbiin jiruu adunyaa tan har'aa tana irrattiifii jiruu booddee boriitiif jaalala ofii akka siif kennu, bakka kamiyyuu taate kan barakate akka sigodhu, wagguu argatan warra galatoonfatan, wagguu rakkoon muudatuun warra obsa godhatuufii balleessaa wagguu balleessan dafanii araarama warra kadhatan irraa tokko akka sigodhu ni-kadhadhaan, wantoonni sadiin tunniin mallattoo amantoota toltuuwwan badhaadhinnaati; Rabbiin ajaja isa raawwachuu akka dandeetu sihaa qajeelchuuti amantii Ibraahim kan tahe haniifiyaan (karaa dhugaa maquun) amantii Rabbii tokkocha qofaaf godhuudhaan isa gabbaruun tahuu beeki. Rabbiin (S.W) akkana jedhaatii:

وَمَا خَلَقْتُ الْجِنَّ وَالْإِنْسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ ﴿٥١﴾

*“Jinniifii namas nahaa gabbaraniif malee hin uumne”*

*(Suuraa Zaariyaat : 65)*

Rabbiin akka isa gabbartuuf qofa si'uumuu yoo beekte, ibaadaan kamillee tawhiidaan (tokkochumma Rabbii mirkaneessuudhaan) waliin yoo hin tahin. Ibaadaa ykn Rabbiin gabbaruun jedhamee waamamuu akka hin-danda'amne beeki. Akkuma salaata xahaaraa (wuduu'a) malee salaata hin-jedhamne hundaa ibaadaanis tawhiidaan maletti ibaadaa jedhamee waamaamuu hin-dandahu. Rabbiin waliin kan biroo gabbaruun (sharrakuun) ibaadaa keessa yoo seene, akkuma wanni xahaaraa (wuduu'a) balleessu yoo nama mudate wudu'ini badu (kufu) ibaadanis fa jechudha. Shirkiin ibaadae keessa yoo seene ibaadaa kuffisee dalagaa bilaasha godhuudhaan abbicha isaats ibidda keessatti hundee akka tahu kan godhu tahuu isaa yoo beyte; Rabbiin (S.W) qolaa kana irraa akka siqulqulleessu wanni jabaan godhuu qabdu qabxii guddicha kana beekuufii akka siif galu godhuudha. Qolaan kun Rabbitti yagutoomsuu (shirki)dha kana ilaalchisuudhaan Rabbiinis (S.W) akkana jedhe:

إِنَّ اللَّهَ لَا يَغْفِرُ أَنْ يُشْرَكَ بِهِ، وَيَغْفِرُ مَا دُونَ ذَلِكَ لِمَنْ يَشَاءُ

*“Rabbiin isatti qindeessuu (sharrakuu) hin araaramu kan saniin alatti tahes nama fedheef ni-dhiisa.” (Suuraa Nisa’i : 116)*

Kunis kan tahuu dandahu Rabbiin kitaabaa isaa qulqulluu (qur’aana) keessatti kan ibse qajeelchota bu’uraa afran beekuudhaani. Isaanis kan asii gaditti dhufan kanniini:

**HEERRI TOKKOFFAA:** Kaafiroonni ergamaan Rabbii (S.A.W) itti duulan; Rabbiin (S.W) uumaa, qananiisaa (nyaachisaa), wantoota jiran hundaayyu toohataafii tottolchaa tahuu isaa kan mirkaneessan tahu isaanii beekuufii beekkumsii isaani kunis adda isaatti ramaddii muslimtoota akka hin-seensisiniin beekuudha. kanaafis ragaan jecha Rabbii (S.W) kana:

قُلْ مَنْ يَرْزُقُكُمْ مِنَ السَّمَاءِ وَالْأَرْضِ أَمَّنْ يَمْلِكُ السَّمْعَ وَالْأَبْصَارَ وَمَنْ يُخْرِجُ  
الْحَيَّ مِنَ الْمَيِّتِ وَيُخْرِجُ الْمَيِّتَ مِنَ الْحَيِّ وَمَنْ يُدِيرُ الْأَمْرَ فَسَيَقُولُونَ اللَّهُ  
فَقُلْ أَفَلَا تَتَّقُونَ ﴿٣١﴾

*“Samiifii lafa irraas kan rizqii (hiree) isiniif kennu eennunni? dhageettuufii argituulee keessanis kan mooyatu eenu? du’aa irrayis jiraa kan baasu; jiraa irrayis du’aa kan baasu eenu? wantoota hundas kan gara gaggalchu /sijijjiiru/ eenu? jedhiin. Dhugatti Rabbuma siin jedhani; maarree (maaliif itti yagutoomsitan) isa hin-soddaattanii? jedhiin.” (Suuraa Yuunus : 31)*

**HEERRI LAMMAFFAA:** Warri waakkatan sunniin taabotootaa (xaaguuta) wanti gabbarruufii wanti kadhannuuf karaa isaaniitiin Rabbitti kaleennaafi akka nuuf qaxarsan (shafa'a) qofaaf jedhan. Kanarratti (Rabbitti kalleenna) ragaan jecha Rabbii (S.W) kana:

أَلَا لِلَّهِ الدِّينُ الْخَالِصُ وَالَّذِينَ اتَّخَذُوا مِنْ دُونِهِ أَوْلِيَاءَ  
مَا نَعْبُدُهُمْ إِلَّا لِيُقَرِّبُونَا إِلَى اللَّهِ زُلْفَىٰ إِنَّ اللَّهَ يَحْكُمُ بَيْنَهُمْ فِي مَا هُمْ فِيهِ  
يَخْتَلِفُونَ إِنَّ اللَّهَ لَا يَهْدِي مَنْ هُوَ كَاذِبٌ كَفَّارٌ ﴿٢﴾

**“...isaannan, isa malee gargaartuu qabatan(godhatan),  
Rabitti kaleenna akka nukaleessaniif malee waan birootiif  
isaan hin-gabbarru (jedhan). Rabbiinis isaawaan isaan  
irratti waldidan san jidduu isaaniitti ni-murteessu;  
Rabbiin isaan kijibaafii waakkataa tahan sana karaa  
qajeellumaatti hin-qajeelchu.” (Suuraa Zumer : 3)**

Ragaan shafaa'a ammo kan dhufu kana:

وَيَعْبُدُونَ مِن دُونِ اللَّهِ مَا لَا يَضُرُّهُمْ وَلَا يَنْفَعُهُمْ وَيَقُولُونَ  
هَؤُلَاءِ شَفَعْنَا عِنْدَ اللَّهِ

**“Rabbiin malees wanta isaan hin-miineefii isaan hin-  
fayyadnes ni-gabbaran. Isaanis Rabbiin biratti shafaa'a  
warra nufuudhu jedhan.” (Suura Yuunus : 18)**

Shafa'aan gosa lama: tokko shafa'aa fudhatama hin-qabne yoo tahu inni biroo ammoo shafa'aa mirkanaayee (fudhatama qabuu)dha. Shafa'aan fudhatama hin-qabne Rabbiin malee uumamaan biroo tokkollee godhuu waan hin-dandeenne uumamtoonni shafa'a akka tahan barbaaduu ykn gaafachudha. Kanaafis ragaan jecha Rabbi (S.W) kan asii gaditti dhufu kana:

يَأْتِيهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا أَنفَقُوا مِمَّا رَزَقْنَاهُمْ مِن قَبْلِ أَن يَأْتِي يَوْمٌ لَا بَيْعٌ فِيهِ  
وَلَا خُلَّةٌ وَلَا شَفْعَةٌ وَالْكَافِرُونَ هُمُ الظَّالِمُونَ ﴿٢٥٤﴾

**“Yaa warriin amantan! waan isinii kennine irraa  
badhaafadhaa (kennadhaa) osoo guyyaan gurgurtaa,  
jalaalaafii shaffa'aan isa keessatti hin jirre isinitti  
hindhufiniin duratti; warriin waakkatan (kafaran) warra  
akkaan nabsee isaanii miiddhaniidha” (Suuraa Baqaraa:254)**

Shafa'aa mirkanaahe (fudhatama qabuu) ammoo: Rabbiin irraa kan gaafatamu (barbaadamu) yootahu, shafa'aa kanatti shafi'in(namtichi shafa'aaf namaa dhaabbatu) taaytaa shafa'aa fuudhuudhaa Rabirraa kan argatu tahe; namichi inni shafii'a tahuufis Rabbiin biratti fudhatama kan qabuufii jechi isaatiifii dalagaan isaatis kan jaalatame tahuutu irra jiraata. Akkana tahees garu shafa'ichi fedhii Rabbiitiin qofa-kan geeffamu taha. Kanaafis ragaan jecha Rabbi (S.W) kan asii gaditti dhufu kana:

مَنْ ذَا الَّذِي يَشْفَعُ عِنْدَهُ إِلَّا بِإِذْنِهِ

*"Isa biratti, eennutu shaffa'a fedhii isaatiin yoo tahe male"*  
(Suuraa Baqara :255)

**HEERA SADAFFAA:** Nabiyyiin (S.A.W) barumsa isaanii kan eegalan jidduu namoota gabbara adda addaa oofatuu kessatti; isaan irraa Malaa'ikoota kan gabbaran, Nabiyyootaafii waliyyootas kan gabbaran, Mukaafii dhagaa kan gabbaraniifii warri Aduufii ji'a gabbaranis ni-jiru. Ibaadaa hin taane warra oofatu hunda tokko tokko irraa osoo addan hin baasin ergamaan Rabbii (S.W) hundaanuu lolaa turan, kanaafis ragaan jecha Rabbii (S.W) kan asii gaditti dhufu kana:

وَقَالُوا هُمْ حَتَّى لَا تَكُونَ فِتْنَةً وَيَكُونَ الَّذِينَ كُتِبَ لَهُمُ

*"Dhugaanis hanga argamtuufii amantiin hundi hanga Rabbiif taatutti itii duulaa"* (Suuraa Anfaal :39)

Aduufii ji'as akka gabbaruu hinqabne ragaan jecha Rabii (SW) kana:

وَمِنْ آيَاتِهِ اللَّيْلُ وَالنَّهَارُ وَالشَّمْسُ وَالْقَمَرُ لَا تَسْجُدُوا لِلشَّمْسِ وَلَا لِلْقَمَرِ وَاسْجُدُوا لِلَّهِ الَّذِي خَلَقَهُنَّ إِن كُنتُمْ إِيَّاهُ تَعْبُدُونَ ﴿٣٧﴾

*"Halkaniifii guyyaan, Aduufii Jiinis, mallatoolee isaa(Rabbii) irrayyi, Aduufii Ji'aafillee hin sagaadinaa (salaatina), Rabbii isaan uume sanaaf salaataa, yoo isa qofa kan gabbartan taatan"*

(Suuraa Fussilat : 37)

Malaa'ikoota akka gabbaraa turan ragaan jecha Rabbii (SW) kana:

وَلَا يَأْمُرُكُمْ أَنْ تَتَّخِذُوا الْمَلَائِكَةَ وَالنَّبِيِّنَ أَرْبَابًا

*"Malaa'ikootaafii Nabiyyoota akka mootii godhattan isin hin-ajaju"* (Suuraa Imraan:8)

Nabiyyoota gabbaruu isaanii ilaalchisee ragaan jecha Rabbii (S.W) kana:

وَإِذْ قَالَ اللَّهُ يُعِيسَى ابْنَ مَرْيَمَ ءَأَنْتَ قُلْتَ لِلنَّاسِ اتَّخِذُونِي وَأُمَّيَّ إِلِهَيْنِ مِنْ دُونِ اللَّهِ قَالَ سُبْحَانَكَ مَا يَكُونُ لِي أَنْ أَقُولَ مَا لَيْسَ لِي بِحَقِّ إِنْ كُنْتُ قُلْتُهُ

فَقَدْ عَلِمْتَهُ تَعَلَّمَ مَا فِي نَفْسِي وَلَا أَعْلَمُ مَا فِي نَفْسِكَ إِنَّكَ أَنْتَ عَلَّمُ الْغُيُوبِ ﴿١١٦﴾

“Wagguu Rabbiin (fedhe yaadadhu) yaa Iisaa ilma mariyam sila situ namaan anaafii haadha tiyyas "rabbaota" lamaan Rabbiin alatti tahan godhadhaa jedheenii? qulqullinni siif haatahu! waan anaaf haqa hin-taane jechuun naaf hin-tahu; yoo ani kan jedhe taate atuu dhugatti nibeekta waan nafsee kiyya keessa jiru nibeekta waan nafsee keeti keessa jiru garuu ani hin-beeku; Ati wantoota geeybaa (waan beekkumsa namaatiin ala tahe) hundaa beekaadhaatii jedheen.” (Suuraa Maa'idaa : 116)

Awliyoota Rabbii akka gabbaraa turan Ragaan jecha Rabbii (S.W) kan asiigaditti dhufu kana:

أُولَئِكَ الَّذِينَ يَدْعُونَ يَبْتَغُونَ إِلَىٰ رَبِّهِمُ الْوَسِيلَةَ أَيُّهُمْ أَقْرَبُ وَيَرْجُونَ رَحْمَتَهُ وَيَخَافُونَ عَذَابَهُ إِنَّ عَذَابَ رَبِّكَ كَانَ مَحْذُورًا ﴿٥٧﴾

“Isaannan isaan yaamatan; (ofii isaaniitiifu) karaa Rabbii isaaniitti ittiin gahu ni-barbaadan, eenyma isaaniittuu (karaa sanitti) kalaahoodha; rahmata isaatis ni-kajeelu qixaaxa (Azaaba) isaatis ni-sodaatu.” (Suuraa isra'a : 57)

Dhagaadhaafii mukattis akka amanaa turan Ragaan jecha Rabbii (SW) kanaafii jecha Rasuulaa (S.A.W) kana:

أَفَرَأَيْتُمُ اللَّاتَ وَالْعُزَّىٰ ﴿١٩﴾ وَمَنْوَةَ الثَّالِثَةَ الْآخِرَىٰ ﴿٢٠﴾

“Laatiifii Uzgaan agartanii? Manaatiin tan sadaffaa (tan keessaa xiqqashoodhaa) hoo agartanii?”

(Suuraa Najmi:19-20)

Karaa abii Waaqid-allesiyyiitiin (R.A) Naabiyyii irraa (SAW) hadiisni dabarfame ammoo kan asii gaditti dhufu kana:

وَحَدِيثُ أَبِي وَقَدِّ اللَّيْثِيِّ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قَالَ: ((خَرَجْنَا مَعَ النَّبِيِّ ﷺ إِلَىٰ حَنِينٍ وَنَحْنُ حَدَثَاءُ عَهْدٍ بِكُفْرٍ، وَالْمَشْرُكِينَ سُدْرَةَ يَعْكُفُونَ

عندها، وينوطون بها أسلحتهم، يقال لها: ذات أنواط. فمررنا بسدرة فقلنا: يا رسول الله اجعل لنا ذات أنواط، كما لهم ذات أنواط)) الحديث .

"Kufrii dhiifnee gara islaamumma eega dhufne baay'ee osoo hin-turin nabiiyii waliin gara Huneeyni deemne. Achittis mushrikootni kan gabbaraniifii meeshalee waraanaa kan itti suuqatan muka qurquraa "Zaat-Anwaax" kan jedhamu qaban. Mukicha biraan wagguu dabarru "yaa Ergamaa Rabbii akkuma isaan Zaat-Anwaax qaban nuufillee Zaat-Anwaax nuuf godhaa" jenneen...

**HEERA AFRAFFAA:** Dalagaan mushrikoota yeroo ammaa kan mushrikoota durii irra cimaafii badaadha. Mushrikootni duri wagguu rakkoofii cinqaan hin-jirre Rabbitti qindaecessanii wagguu rakkootiifii jabeennaa garuu shirkicha ni-dhiisu turan. Mushrikooni yeroo ammaa garu shirkiin isaanii wagguu bal'innaatiifi rakkinnaallee kan addaan hin cinneedha. Kanafis ragaan jecha Rabbii (S.W) kana:

فَإِذَا رَكِبُوا فِي الْفُلِكِ دَعَوْا اللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ فَلَمَّا نَجَّوهُمْ إِلَى الْبَرِّ إِذَا هُمْ يُشْرِكُونَ ﴿٦٥﴾

"Markaboota yaabbatani (keessa) waggu jiranis ibaadaa (amantii) isa qofaaf qulqulleessuudhaan isa yaamatan. Wagguu (baasuudhaan) isaan hoffolches yeroma san (Rabbitti) sharrakan" (Suuraa Ankabuut : 65)

----- GEEFFAMME -----

RABBIIN NAGAYAAFI RAHMATA ISAA MUHAMMADIIFII AALII  
AKKASUMAS SAHAABOTA ISAANI IRRATTI HAA BUUSU

بسم الله الرحمن الرحيم  
الحمد لله الصلاة والسلام على رسول الله  
صلى الله عليه وسلم أما بعد:  
فإن جمعية الدعوة والثقافة الإسلامية نظراً  
لمسؤوليتها الدعوية وإيماناً منها بضرورة  
معرفة كل مسلم بواجبه تقدم لمسلمي إثيوبيا  
إعادة طباعة كتاب (الأصول الثلاثة) باللغة  
الأورومية .

راجين من الله التوفيق ومن الجمهور  
الإستفادة وذلك عام 2012 م

الناشر

1433هـ

# الأصول الثلاثة وأدلتها

تأليف

الإمام محمد بن سليمان التيمي

ويليها

شروط الصلاة وواجباتها وأركانها  
والقواعد الأربعة

(باللغة الأورومية)

طبع على نفقة:

فاعل خير

ترجمة ونشر

جمعية الدعوة والثقافة إسلامية

بأديس أبابا

العنوان:







تلفون/٢٠٠٩٠٦، فاكس/٧١٠٠٧٨

ص.ب./٧٠٤٢٥ البريد الإلكتروني/ idka@telecom.net.et.

الطبعة الثالثة: 1433هـ / 2012م

خروج الطبع بالأورومية محسوسة



ننشر  
الإسلام  
بـ 100 لغة

Afaan 100  
islaamummaa  
tamsaasna

Islamhouse.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: +966114454900 فاكس: +966114970126 ص ب: 29465 الرياض: 11457

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH

P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126



1015399-9145004

مطابع السفراء ت: 011-4488983  
ف: 011-4467323



OFFICERABWAH